

**XIINXALA HANQINA DANDEETTII BARREESSUU AFAAN  
OROMOO BARATTOOTA MANA BARUMSAA KAARRAA  
GORAA SADARKAA 2FFAA KUTAA 9FFAA FI 10FFA**

**QO'ATTUUN: SANIYAA HASAN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)  
GUUTTACHUUF QOPHAA'E YUUNIVARSIITHI JIMMAA  
KOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HIYUMAANIITIITI  
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF  
DHIYAATE**

**GORSAAN: Dr. ALAMAAYYOO FAQQADAA**

**G/GORSAA: Dr.TASHOOMAA BALAAYINAA**

**ADOOLESSA, 2022  
JIMMA**

## **GALATA**

Hunda dura barumsa digrii lammaffaa eegalee hangan xumurutti Rabbii nagargaareef galanni koo daangaa hin qabu. Itti aansuun gorsaa koo Dr. Alamaayyoo Faqqadaa nuffii tokko malee wixinee qopheessuu kaasee hanga qorannoo koo isa dhumaatti deeggarsa ogummaa naa taasisaniif ulfaadhaa, galatoomaan jechuu barbaada. Itti dabaluuun gorsaa aantee koos deeggarsa ogummaa naa taasisaniif galatoomaan jedhaan. Dabalataanis G.Pro. Cimdii Waaqumaa filannoo mata duree kaasee deeggarsa ogummaa naaf taasisaniif guddiseen galateeffadha. Akkasumas daa'ima koo kan ta'e Ammaar Mubaarik barumsa baratu cinatti halkanii fi guyyaa osoo hin jedhin pc'tti barreessuun nagargaareef guddadhu! Galatoomii! Siinjechuun barbaada.

## **AXEERARAA**

*Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa dandeettii barreessuu barattootaa mana barumsaa kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratani irratti kan xiyyeeffatee dha. Ka'umsi, maddaa fi gosti barreessuu Doggoggora barattootaa maali jedhu kan xiinxale yoo ta'u, kaayyoo kana galmaan gahuuf immoo qorannoo makaatti kan fayyadamee dha. Kanas qorannoo akkamtaa fi hammamtaatti kan dhimma bahee dha. Qorannichis dayeessa xiinxala dandeettii barreessuu kan bu'uureffatee dha. Barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratani barattoota dhiira 94 fi dubara 86 walumaa galatti barattoota 180 keessaa iddattoo miti carraan barattoota dhiiraa 38 fi dubara 39 walumatti barattoota 77 (%42.7) ta'anii fi barsiisota dhiiraa 2 fi dubaraa 1 walitti barsiisota 3 ta'an irraa odeeffannoowwan mala adda addaan argaman walitti qabuun qacceffamaniiru. Odeeffannoo kanas, meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanan kanneen akka: afgaaffii, qormaataa fi daawwannaa dareen argaman kan akka barrruu barattootaa irraa funaanaman gargaaramuun mala akkamtaan qaaceffameera. Qaaccessi odeeffannoo fi qormaata barattootaa akka ifa ta'uuf gabateedhaan deeggaramuun ibsi itti kennameera. Haaluma wal fakkaatuun odeeffannoo jechaan ibsamanis akkaataa wal simatuun walitti fiduun ibsi itti kennameera. Qaaccessa kanneen irraas rakkooleen barattoota kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan mudatan, hanqina qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessa, qindoomina yaadaan barreessuu dadhabuu, sagaleewwan jechoota gaggabaaboo dheeressuu fi dhedheeroo qabaabsuun, qubee dubbifamaa sadi fi isaa ol walduukaa fayyadamuun barreessuun dogoggora akka uuman xiinxala gaggeeffameen hubachuun danda'ameera, kanumarraa ka'uun hubannoo qorannicharraa argame irratti hundaa'uun yaanni furmaataa kaa'ames, barsiisonni sadarkaa Iffaa kaasanii Afaan Oromoo barsiisan yeroo idilees ta'e idileen alatti nuffii tokko malee of kennanii dandeettii barreessuu gonfachiisuu qabu. Dabalataanis, barattoota isaaniitti fedhii fi kaka'umsa itti uumuu qabu. Maatiin barattootaas ijoollee isaanii hordofuu fi deggaruu qabu. Dhimmamtoonni barnoota olaanoo kitaaba barataa shaakala dandeettii barreessuu barattootaa foyyeessu mijeesuu fi wayitii barnoota Afaan Oromoo kenname dabaluu qabu. Walumaa galatti qaamni dhimmi barnootaa isa ilaallatu hundi dandeettiin barreessuu barattootaa akka fooyya'uuf sadarkaa barumsaa kamirrattuu of kennanii irratti hojjechuun barbaachisaa fi dirqama lammummaa ti.*

## Bafataa

Qabiye	Fuula
GALATA .....	I
AXEERARAA .....	II
Boqonnaa tokko:seensa.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa qorannichaa.....	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2. Kaayyoo Gooree .....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .....	7
2.1. maalummaa barreessuu .....	7
2.2. Faayidaa Barreessuu .....	8
2.3. Amaloota Barreeffama Gaarii.....	10
2.4. Dandeettii Barreessuu Cimsachuu .....	13
2.5. Wantoota Dandeettiin Barreessuu Akka Ulfaatu Taasisan .....	14
2.6. Rakkoolee Barreessuu Keessatti Nama Mudatan .....	16
2.6.1. Rakkoo Qubee Sirreessuu .....	16
2.6.2. Rakkoo Sirna Tuqaaleetti Halaan Fayyadamuu Dhabuu .....	18
2.6.3. Rakkoo Qubguddeessatti Haalaan Fayyadamuu Dhabuu .....	18
2.7. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii.....	19
BOQONNAA SADI: SAXAXAA FI MALLEEN QORANNICHAA.....	22
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	22
3.2. Malleen Qorannichaa.....	22
3.3. Irraawwatama Qorannichaa .....	22
3.4. Tooftaa Iddatteessuu Qorannichaa.....	23
3.4.1. Barattoota.....	23
3.5. Madda Odeeffannoo.....	23
3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaa.....	24

3.6.1. Afgaaffii.....	24
3.6.2. Qormaata.....	24
3.6.3. Daawwannaa Daree.....	25
3.7. Mala Qaaccessa Ragaa.....	25
<b>BOQONNAA AFUR: QAACCESSAA FI IBSA ODEEFFANNOO .....</b>	<b>26</b>
4.1. Odeeffannoo Waliigalaa Barattoota Mana Barumsaa Kaarraa Goraa Sadarkaa2ffaa Kutaa 9ffaa Fi 10ffaa Baratanii.....	26
4.2. Sakatta’a Dogoggora Barattootaa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Irratti.....	26
4.2.1.Keeyyata Barreessuu Keessatti Dandeettii Barattootaa Qormaata Qoruun Xiinxalame.....	26
Gabatee Xiinxala Keeyyata Seenaa Namootaa Barreessisuun Dogoggora Funaaname .....	30
4.2.2. Afgaaffii Barattootaa fi Barsiisota Afaan Oromoo Barsiisanirraa Hanqina Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa Ilaalchisee Ragaa Funaaname.....	31
4.2.3. Daawwannaa Daree Barnootaa Irraa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa Ilaalchisee Odeeffannoo Argame .....	36
4.3. Dogoggoora Barattoonni Dandeettii Keeyyata Barreessuu Keessatti Uuman Hangam Akka Ta’e Adda Baafame .....	38
4.4. Qaaccessa Rakkoo Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Sababa Ta’an .....	40
<b>BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, GOOLABAA FI YAADA FURMAATAA .....</b>	<b>43</b>
5.1. Gudunfaa.....	43
5.2. Argannoo.....	44
5.3. Yaada Furmaataa .....	46
Wabiilee .....	47
Dabalee A .....	49
Dabalee B.....	50
Dabalee C.....	51
Dabalee D .....	52
Dabalee E.....	56

## **Boqonnaa tokko: seensa**

### **1.1. Seenduubee Qorannichaa**

Qabiyyee barnoota afaanii keessaa dandeettiin barreessuu sadarkaa kamittuu kan barsiifamuufi kan irratti xiyyeeffatamuudha. Akka sirna barnootaa yeroo ammaatti barattoonni kutaa 1<sup>ffaa</sup> - 8<sup>ffaa</sup> afaan dhaloota isaanii kan maatii fi

hawaasa keessatti dhimma itti bahaniin baratu.

Kanaafuu afaan dhaloota isaanii kanaan dubbachuufi wanta dubbatamu dhaggeeffachuu mana barumsaa utuu hin seenin dura naannoo isaaniirraa baratu. Dandeettiin barreessuu immoo, sirna barreeffama afaan Sanaa beekuu kan gaafatu ta'ee kan shaakalamuu eegalus mana barumsaatti. Dandeettiin barreessuu dandeettii ykn ogummaa yaada sammuu ofii keessa jiru tokko haala sirriifi nama dubbisu biratti hubatamuu danda'uun waraqaarra kaa'uun wal qabata waan ta'eef itti yaaduu gaafata. Dandeettiin kun mallattoolee ykn qubee afaanichaa adda baafachuurraa jalqabee hanga seera mallattoolee qindeessuun jechootaafi yaada mallattoolee kanaan bakka buusuun ibsutti kan adeemuudha.

Qorannoon kun dandeettii faan oromoo barreessuu ilaalchisee rakkoowwan sadarkaa manneen barnootaa sadarkaa lammaffaatti mallatan adda baasuufi madda isaanii sakatta'uu xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha.

Akka Kelly (1997:27) jedhutti "Barreessuun yaada ofii jechoota ifaafi sirrii ta'anitti fayyadamuun ergaa guutuu ta'e waraqaarra kaa'uun qaama biraatiif dabarsuudha." jedha. Atinsetal (1996:82) akka jedhutti, "faayidaa barnootaafis ta'e sababoota birooof dandeettiinwwan barbaachisummaan isaanii guddaa ta'an keessaa dandeettiin barreessuu isa tokkoodha." jedha. Yaada hayyootaa kanarraa wanti hubachuun danda'amus, barreeffamni barnootaafis barbaachisaa ta'uu isaati namoota addunyaa kanarra jiraatan baay'een isaanii yaada wal jijjiiruuf, barnootaa fi qorannoo adda addaa gaggeessuuf barreeffamatti dhimma bahu. Kanaafuu ergaa ifaafi sirrii ta'ee qixa sirrii dabarsuuf dandeettii barreessuu gaarii qabaachuun murteessaa dha. Akka Langan. (2005:140) jedhutti "writing is away communicate with other. When you write for others, it is crucial to know both purposes for writing and audience who will be reading your work" jedha kana jechuun barreessuun daandii walii galtee namoota biroo waliiniiti. Keessattuu

yeroo waa barreessinu kaayyoo barreessinuufi namoota barreeffama keenya dubbisan beekuun barbaachisaa dha.

Akka Byrne. (1991:22) irratti kaa'etti "barreessuu jechuun tooftaalee namoonni fedhii yaada.Yookaan dhagahama of keessaa qaban nama biroof haala barreeffamaan kan ittiin ibsachuuf gargaaramanidha."Jetti.Yaada kana deeggaruun Pincase (1982:5) "writing is an instrument of both communication and self-expression."Jedha.Waenee, "adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreesuu isa tokkoo fi kan bakka guddaa qabudhaa."Jedha.

Yaada armaan olitti ka'an irraa wanti hubachuun danda'amu adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu iddoo guddaa kan qabuufi namni barreessu tokkos barreeffama gaarii qabaachuun akka barbaachisu, barreessuun ammo karaa yaada sammuu ofii keessa jiru dubbisaa biraan ittiin gahan ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun dandeettii yeroo hedduu barataan tokko barsiisaa isaatiin ykn nama biraatiin dandeettiin barreessuu isaa madaalamuun mirkanaa'u dha gahumsi barataa tokkoo kan ittiin mirkanaa'u keessaa tokko dandeettii barreessuu barataan tokko yoomessa barnootaa keessatti qabudha. Kanaafuu barattoonni daree barnootaa kamiyyuu keessatti dandeettii barreessuu isaanii gabbifachuun murteessaadha.Sababiin barataan tokko barreeffama sirrin yaada isaa dubbisaa isa biraan hin gahu taanaan wal qunnamtiin barreessaa fi dubbisaa gidduu jiru addaan waan cituuf, barreessuun barataa Sanaa hanqina qaba jedhama. (Mulba.1993 fi Italo, 1999.) Afaan oromoo yeroo ammaa kanatti afaan walii galtee irra darbee afaan barreeffamaa, afaan barnootaa,afaan hojii mootummaa fi dhuunfaa, akkasumas afaan sab-qunnamtii ta'ee tajaajilaa osoo jiruu barreeffamoota barattoonni sadarkaa adda addaatti barreessan keessatti dogoggoroonni kanneen akka seera barreeffama afaan oromoo eeganii barreessuu dadhabuu, sirna tuqaalee bakka barbaachisaa isaatti eeganii fayyadamuu dhabuu, qub guddeessa bakka sirriitti fayyadamuu dhabuu, keeyyata sirriifi wal qabatiinsa yaadaa qabu gahumsaan barreessuu dadhabuu ni mul'ata.

Haalli kun ammoo barachuu irratti rakkoo kan qabu; ergaa darbu tokko hir'uu kan taasisu,wal qunnamtii irratti adda addummaa yaadaa kan uumu, guddina afaanii irratti gufuu kan ta'u fi barattoonni gara fuula duraatti dorgomii cimoo akka hin taane gochuu danda'a. kanaafuu madda dogoggoraa fi gosa dogoggora barattotaa adda baasuun furmaata barbaaduun barbaachisaa dha.

Kanumarraan ka'uun qorannoon kun barattoota mana barumsaa karraa goraa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> afaan oromootiin barreessuu irratti hanqina isaan qaban sakatta'uu irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamee dha.

Yaada kanatti dabaluu Richards (1910:100) akka ibsetti:sadarkaa yuunivarsiitiitti illee barattoonni hedduun haala sadarkaa lammaffaatti barataniin barreeffama gaarii yeroo barreessan hin mul'atan. Barattoonni hedduu ta'an yeroo barreeffama barreessan soda fi dhiphuutu irraa dubbifama.Kunis barreeffama dogoggora hin qabne barreessuuf ofitti amanamummaa kan hin qabne ta'uu isaanii mul'isa.

Walumaa galatti qorannoon kun dandeetti barreessuu babarattootaa mana barumsaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> karraa goraa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> afaan oromoo barreessuu irratti dogoggora isaan mudatu adda baasuun furmaata barbaaduuf.

## 1.2. Ka'umsa qorannichaa

Dandeettiinwan afaanii keessaa dandeettiin barreessuu barreeffamaan yaada ofii ibsachuu fi ergaa dabarfachuuf isa bu'uuraati. Kana gochuuf ammoo, namni tokko seera barreeffama afaan ittiin barreessuu Sanaa sirriitti beekuu qaba. Seerri kunis kan baratamu mana barumsaatti. Kanaaf immoo,ulaagaa barreeffama gaarii tokkoo fi haala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa baratan irratti wantoota sababa ta'an sakatta'uun barbaachisaa dha.Gama biraatiin qorannoon kanaan dura aanaa qorattuun qorannoo kana irratti gaggeessaa jirtu irratti kallattii qorannoon kun gaggeeffamaa jiruun gaggeeffame hin jiru..

Kanarraa ka'uun qorattuun mata duree sakatta'a dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan irratti kan bu'uureffatee dha. Kana irraa ka'uun qorattuunis rakkoo yookaan hanqina dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa maal fa'a akka ta'an sakatta'uun barbaachisaa akka ta'e ni amanti..

Dhimma kana irratti,qorattuun qorannoo akka gaggeessituuf wantoota ishee kakaasan keessaa:

- Barattootni mana barumsaa karraa goraa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keeyyata yeroo barreessan dogoggorri isaan baay'naan mul'isan maalirraatti?
- Dandeettii keeyyata Barreessuu keessatti dogoggorri isaan uuman hangami?



- Sababoonni rakkoo keeyyata barreessuu barattootaa ta'an maal fa'a dha?

Yaadota gaaffilee bu'uuraa qorannoo qorattuu armaan olii keessatti ka'an sirnaan fayyadamuu isaanii sakatta'uun wantoota gufuu itti ta'an adda baasuun furmaata barbaachisu laachuufii dha. Kanaafuu, dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa maal irratti akka ta'e sakatta'uuf qorannoon kun akka adeemsifamuuf qorattuu kakaaseera..

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Hanqina dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa mana barumsaa Karraa Goraa sadarkaa lammaffaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> baratan sakatta'uun beeksisuu dha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- ✓ Dogoggora barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu irratti baay'inaan qaban ibsuu.
- ✓ Dogoggorri dandeettii barreessuu barattoonni kunneen uuman hangam akka ta'e adda baasuun kaa'uu dha.
- ✓ Sababoonni dogoggora isaaniitiif ka'umsa ta'an maal fa'a akka ta'an tarreessuu dha.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Yeroo ammaa kana rakkooleen barreeffama afaan oromoo gara garaa barattoota keessatti kan mul'aataa jirudha. Dandeettiin kun garuu jiruufi jireenya dhala namaa keessatti tajaajila guddaa kan qabu ta'uun isaa beekamaadha.

Waan kana ta'eef, sadarkaawwan barnootaa kanneen giddu galeessa godhachuun qorannoon adeemsifamu kun gama rakkoowwan sirna barreeffama afaan oromoo furuu fi salphisuutiin bu'aawwan armaan gadii niqabaata jedhamee yaadama.

- Barattoonni qorannoo kana argatanii dubbisan dandeettii barreessuu isaanii akka hin cimsanne rakkoowwan isaan taasisan adda baafachuun haala itti barreessuu shaakalan irratti ciicata argatu.
- Maddi rakkoowwan kunneenii maal maal akka ta'an adda baasuun ogeeyyonni barnootaa xiyyeeffannaa barbaachisaa ta'e akka itti kennan gochuuf ni gargaara.
- Dhaabbata yookiin nama dhuunfaa dhimma kana riratti qorannoo bal'aa gaggeessuu barbaaduuf akka ka'umsaatti ni fayyada.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Galma gahiinsa nama qorannoo gaggeessu tokkoof daangaan jiraachuun barbaachisaa dha. Qorattuunis hojiin ishee akka galma gahuuf daangaa kaa'atteetti. Qorannoon kunis kan gaggeeffamu naannoo Oromiyaa godina Jimmaa Aanaa Qarsaa Mana Barumsaa Karraa Goraa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> barattoota kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessatti baratan irratti xiyyeeffata. Qorannoon kunis, barattoota akka aanaa kanaatti jiruuf furmaata kaa'achuuf gaarii ture. Haata'u malee, kana gochuuf yeroofi humni murteessaa dha. Akkasumas, qorannichis waan bal'atuuf daangessuun barbaachisaa ta'ee argameera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Mata duree kana jalatti qorattuun ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan yeroo sassaabbachuuf sosochootu keessatti hanqina yeroof baajataan wal qabatan mudachuu danda'uu dha.

Kanarraa ka'uun, qorattuunis mata duree qorannoo ishee kan ta'e "hanqina dandeettii barreessuu barattoota mana barumsaa kaarra Goraa sadarkaa lammaffaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> afaan oromoon

baratan” jedhu irratti iddattoowwan qaamaan argattee raga sassaabbachuuf hojii idilee qorattuu faana deemuu dhabuun yeroo jedhame keessatti raga funaanuufi qorannoo jalqabaa qindeessuu dhabuu dha. Gama biraatiin immoo, yeroo ammaa akkuma beekamu rakkoo qaala’iinsaa baasii geejjibaatii eegalee leecalloon qorannoo kanaaf barbaachisan baasii olaanaa kan gaafatee dha. Walumaa galatti hanqina yeroon xumuramuu dhabuu qorannoo fi baasii olaanaaf saaxilamuun kan qorattuu mudateedha.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU**

Afaan saba tokkoo kan inni guddachu danda’u yoo ittiin barreeffamee fi ittiin hojjatamee tajaajila adda addaaf fayyaduu danda’e dha.

Boqonaa kana keessatti maalummaa barreessuu, faayidaa barreessuu, fi dandeettii barreessuu cimsachuu, fayyadamiinsa jechootaa, qubee sirreessuu, sirni tuqaalee fi qubguddeessi akkasumas, maalummaan himaa maal akka ta’an bal’inaan keessattu ilaalamuu dha.

### **2.1. maalummaa barreessuu**

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii isaan bu’uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu) keessaa isa tokkodha. Dandeettiin barreessuu akka dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kan salphaatti baratamu osoo hin taane, xiyyeeffannoon guddaan itti kennameefi itti yaadame mana barumsaatti. Kan baratamuudha.

Maalummaa barreessuu ilaalchisee barreessitoonni adda addaa kallattii adda addaan hiika itti kennanii jiru. Barreessuu ilaalchisee Kelly (1997:3) irratti yeroo kaa’u, “barreessuun jecha walii galteeti. Kunis jecha yaada kee jechootatti gargaaramuun bifa barreeffamaatiin nama birootiif dabarsituudha.” jedha. Geetaachoon (2004:7) akka ibsutti, “barreessuun qubeewwan yookiin mallattoolee ummatni irratti walii galeen fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaafi kanneen kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan ergaa nama biraatti dabarsuudha.” jedha. Wanti kanarraa hubatamus, barreessuun gocha yaada sammuu keenya keessa jiru jechootaan qindeessinee ittiin dabarsinuu ta’uu isaati.

barreessuu ilalchisee hayyoonni akka armaan gadiitti ibsaniiru:

widdowson (1985:62), “writing is the act of making up correct sentences and fransmitting them through the visual medium as marks on paper jedha. Yaadura kana Geetaachoon (2007:7) misgeenuu (2011:57) fi beekaan (2015:127) barreessuun ogummaawwan afaan isaan bu’uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu) keessa isaa lakka ta’eefi kan qubeewwan yookaan mallattoolee ummanni iratti waliigaletti fayyadamuudhaa waraqaa, dhagaa sibiilaa fi waan kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan mala ergaa ittiin dabarsinuu akka ta’ee ibsuu.

Barreessuun adeemsa ulfaataa yaada xiinxaluu fi hubachuu nama gaafatuu dha. Wanti seeraan barreeffamu isaa galmaa barreessinu fi haala namoota barreessinu fi beekuu nama gaafata. Gama biraatiin barreessuun hojii isaa dhuma osoo hin taane adeemsa galma qabeessa ta'eedha. Nuyii waan barreessuu waan barreessinu sana maaaliif akka barreessinu beekuun dirqama nutti ta'a kanaafuu, barreessichi, "maaliifan barreessa?" gaaffii jedhu of gaafachuu qaba.

Jiruufi jireenya keenya kallattii sababa garagaraa fi barreessinu namoonni tokko tokkoo ergaa dabarfachuuf, kaan qabxii gaarii argachuuf inni biro nama gammachiisuuf yoo barreessu kan biraa horii ittiin argachuuf barreessuu danda'a. akka (portozool fi culling ford 1995) galma barreessuu akka sitti ibsu, *"the purpose for writing can be related both to the writer and the audience primarily everything we write involves at least same purpose that we wish to benefit expressing our thought, reaction and knowledge?"* Akka yaada barreessaa kanaatti dhimma barreessuu kan barreessaa itti fayyadamaan walitti fiduudha. Yeroo mara wanti nutii barreessinu yoo xiqqaate waan hawwinuufi yaannu irratti xiyyeeffatee taphatuudha. Jedha haalma wal fakkaatuun, Lunsford fi Connors (1989) yaada kana yoo cimsan akkana jedhu:

*The writing of school essays and report always involves dual or multiple purposes. On one level, students write to establish credibility with their teachers, to show that they are careful thinkers and affective writers that is fulfilling this purpose means considering their teachers expectation very carefully.*

kana jechuun mana barumsaatti keeyyata adda addaatti qabeessalee barreessuun barattootaa dhimma garagaraaf gargaaran fi akka shaakalan isaan jabeessa kaan ammo akka isaan yaaduuf xiinxaaluu danda'an taasisaa.

## **2.2. Faayidaa Barreessuu**

Akkuma beekamu namni yaada fedhii hawwii isaafi waan kan fakkataniifi namoota isa bira jiraniifis ta'ee kanneen isarraa fagaatanii jiraniif fi mala ittiin dabarsuuf yookaan kaa'uuf keessaa barreeffamaani. (crème 2003:9) yaada yoo ibsu akkas jedha. Although we suggest that you should see writing as same thing like a job of work, fry thing of ways of making it enjoyable what is more we should emphasize that despite or perhaps because of the difficulties, learning to express and develop your ideas in writing can be safe saying and rewarding.

Yaanni olii kunis barreessuun akka hojii dhimma tokkootti ilaalamuyyuu haala inni itti nama gammachisuu danda’u itti yaada kanaan olitti kan nuti irratti xiyyeeffachuu qabnu cimina yaada ofii sirriitti ibsachuuf barachuun barreessuu kallattii kan nama gammachiisuufi badhaasisuudha. Dandeettiin kun akka hin fooyyofneef hin qabu. Ellbaw.p (2000). Dandeettii barreessuu cimsachuurratti hayyuun kun itti dabaluun yeroo ibsu:

Shaakalli barreessuu dubbisaa biroof osoo hin taane, ofii keenyaaf kan goonu, isa dubbisaa birootiif goonu caalaa dandeettii barreessuu nuuf fooyyessa. Sababiin isaas, dandeettii barreessuu cimsachuuf isa dareetti barreessinu caalaa barreessuu qabna. Gama birootiin immoo, yeroo barreessinu yaada barreessinu irratti xiyyeeffachuu qabna. Barsiisaa barreessina taanaan garuu haala barreeffamichi itti madaalamu yaada barreessuu qabna. (f.39)

Yaada armaan olii kana cimsuun bayrene,(1991:40) yerroo ibsu, “shaakalli barreessuu irratti barataaf kennamu kan isaan gammachiisuuf kan barreesuuf isaan kakaasu, dandeettii isaanii waliin kan deemuufi yaada irratti burqisiisuu kan danda’aniifi addunyaa dhugaa jireenya isaanii keessatti qabatamaan isaan mudatu ta’uu qaba. “jedha.

Rymes (1993:104-105) akka ibsitutti, barreeffamni kan barattootni hojii barreessuu irratti garee xixiqqoo waliin hojjachuun barreessan barbaachisummaa qaba. Sababiinsaas, gulantaa barreessuu kamiyyuu keessatti mariin garee adeemsa barreessuutiif karaa barbaachisaa ta’een gummaacha godha. Mata duree tokko irratti gareen mari’achuun yaada hedduu maddisiisa.

Barattoota garee kana keessaas yaada bu’a qabeessaafi kan sirrii ta’e qindeeffamaafi yaada sirrii ta’ee tartiiba eegsisuu kan danda’amu akka barreessaatti yeroo hojjatan, barattootni hafan immoo caasaa himaa, filanoo jechootaa fi mala walqabsiisaayaada gaarii ta’e irratti yaada kennu. Barruu garee kana yeroo barreessaa jiranitti muuxannoo akka wal irraa argataniif barsiisaan haala salphaan akka to’atee qajeelchuuf fayyada.

Zemel, (1983:146) dandeettii barreessuu cimsachuu ilaalchisee yaad yeroo kennu, “barreeffama garaagaraa dubbisuun. Dandeettii barreessuu cimsachuurratti shaakala barreessuu garagaraatisuu irraa adda bahee kan ilaalamu miti.” Yaada kanatti dabaluun Gray.f.(1987) yeroo ibsu, “barsiisaan erga maalummaa caasaa keeyyata barsiisee booda barattoonni garee uumanii akka shaakalan taasisuu qaba. Akkasumas shaakalsiisuu qofa osoo hin taane isa gareen shaakalan to’achuun karaarra buusuu qaba.

Akka B.Balaji reddy, M.M.Gopi, (2013), jedhutti:

*“Francis bacon right optioned that ‘writing makes a man exact, so to make a man exact the teacher should not forget to teach the student the skill of writing. But writing is rather a difficult task which requires the conscious efforts. Language laboratory will be a good resource for the English teachers to develop the writing skills of the students.”*

Akka yaada armaan olii kana irraa hubannutti, barreessuun nama taasisa; kanaaf jecha barsiisoonni dandeettin barreessuu hojii cimaa humna hin gaafatu, dandeettii kana akka barattootni cimsataniif irratti hojjachuu qabu jechuudha.

Walumaagalatti yaadota armaan olii kanarraa wanti hubachuun danda’amu dandeettii barreessuu cimsachuuf shaakalli akka barbaachisu, hojii shaakalaa barsiisaan kennu cinatti dhuunfaanis ta’e dareen waan ibsachuu barbaadan barreessanii yaaluu qabu. Gama biraatiin barsiisaan ammoo barattootni gareen akka shaakalan gochuufi shaakala keessa dogoggora barattootni uuman sirreessuu qaba. Kana malees shaakalli barsiisaan kennu dandeettii barattootaa kan kakaasu ta’uu qaba.

### **2.3. Amaloota Barreeffama Gaarii**

Dandeettiinwan afaanii afran adda baafamanii hiin barsiifaman yoo ta’ellee dandeettii barreessuu wanti adda taasisan keessaa himoonni barreeffama keessatti argaman haala qindoomina qabuufi ergaa dabarsuu danda’aniin qindaa’anii dhihaachuu qabu. kunis kan ta’uu qabuuf barreessaa fi dubbisaan waan wal bira hin jirreef, yaadni barreessaa himootaa fi jechoota sirriin bakka sirrii ta’anitti galanii hin barreeffamne taanaan dubbisaan yaada barreessaa hubachuu hin danda’u. yookiin yaadni barreessaafi dubbisaa wal bira darba jechuudha.

barreeffamni gaariin ergaa ifaafi qixa sirrii ta’een kan dabarsu, dubbisaanis waan barreessaan jechuu barbaade guutummaan guutuutti hubachuu yoo danda’e, akkasumas yaada dubbisaa hawachuu kan danda’u yoo ta’e dha. Gray (1992:8)

Hayyumti kun itti dabaluun barreeffamni gaariin ibsoota maqaafi ibsoota xumuraa walxaxoo ta’an kan hin fayyadamne, jechoota ifoo ta’an of keessatti qabatudha. Gray (1987:438). kana malees barreeffamni tokko himoonni seeraan barreeffamuu qofti barreeffama ifa hin taasisu;

himooni seeraan qindaa'aniwal qabatiinsa yaadaa eeganii kan barreeffaman ta'uu qabu. gray(1987:472). Byrne.D. (1988) Barreessuun sirna tuqaalee, tuqaalee, qub guddeessa, jechoota wal ta'oo fi xiyyeeffannoo agarsiisanitti dhimma bahuun yaada isaa ifa gochuun barbaachisaa akka ta'e eerti.

Nunan, (1991) "barreessuun kan ulfaatuuf, namoonni baay'een qulqullina barreeffamaatiif waan dhiphataniifi." jetti.

kanaafuu barreessaan gaariin tokko barreeffama keessatti tokkummaa qabiyyee, unka, caasaa himaa, jechoota filatamoo, sirna tuqaalee fi himoota qindeessun kan barreessu ta'uu qaba.

yaada kanatti dabaluu Diyani fi Pat (1998:4) amloota barreeffama gaarii yeroo ibsan "barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf amaloota inni qabaachuu qabu keessaa: tokkummaa, wal ta'iinsa yaadaa, xiyyeeffannoo guutummaafi tartiibadha."

## **A. Tokkummaa**

barreeffamni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu jechooni fi himoonni seeraan qindaa'an hunduu ergaa tokko kan dabarsan yookiin yaada tokko kan cimsan yoo ta'aniidha. Kun immoo kan ta'uu danda'u yaada hima ijoo ta'ee dhihaate tokko himoonni gargaartuun wal ta'un yaada hima ijoo sana babal'isuun kan ibsa itti kennan yoo ta'edha. Kana malees, yaadni keeyyata tokko keessatti dhihaate keeyyata biroo keessatti yemmuu dhihaatu keeyyatni martinuu qindoomina yaadaa qabaachuun isaanii barbaachisaadha. Yaada kana cimsuun Addunyaa (2014:149) "keeyyatni tokkummaa hin qabne ergaa barbaachisu dabarsuuf tokkummaa dhabuurra darbee dubbistoota nuffisiisa." jedha.

yaada armaan olii wanti hubatamu yaadni keeyyata adda addaa keessatti dhiyaatu yaa'insi yaadaa wal qabatee kan hin deemne fi addaan ciccitaa yoo ta'e dubbistoonni yaada tokko utuu sirriitti hin hubatin gara yaada haaraatti qalbii isaani waan ceesisuuf nuffiin itti dhagahama. kanaafuu barreessaan tokko wal qabatiinsa yaadaa fi keeyyataa isaa haalaan beekuun barbaachisaadha.

## **B. Walta'iinsa**

Walta'insi ulaagaa barreeffamni tokko barreeffama gaarii jechisiisan keessaa isa tokkodha. kun immoo kan ta'uu danda'u himoonni gargaartuu keeyyata tokko keessa jiran hima ijoo keeyyaticha keessa jiru ibsuu yoo danda'edha. Diyani fi Pat (1998:34) yaada kana yeroo ibsan "barreeffamni



akkaataa nama amansiisuun yoo qindaa'e barreeffama walta'insa qabu jedhama." jedhu.Kanaafuu barreessaan kamiyyuu barreeffama isaa keessatti walta'iinsi yaadota adda addaa fi keeyyattootaa jiraachuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.

### **C. Xiyyeeffannoo**

Barruun tokko barreeffama gaarii dha kan jechisiisan keessaa xiyyeeffannoon isa tokko dha.Keeyyatni xiyyeeffannoo qabu tokko himoota callaa keeyyata keessaa hima ijoo keeyyataa yoo haalaan kan ibsan ta'ani dha.Kana malees,tartiibni yaadaa duraa duuba isaa eegee kan dhufu ta'uu qaba.

Kelly fi Lawton (2006)yaada kana yeroo ibsanitti "Barruun xiyyeeffannoo qabu tokko haaluma keeyyatni ibsameen yaada barreeffamichaa walduraa duubaan barbaachisummaa isaa ibsaa kan tarreeffamu yoo ta'e dha." jedhu.Yaada kanarraa wanti hubatamu,keeyyatni xiyyeeffannoo qabu yaada keeyyataa ibsuun cinatti barbaachisummaa yaada barruu tokkoo dubbisaaf ifa ta'uu akka qabu hubanna.

### **D. Guutummaa**

Barreeffamni tokko guutummaa qaba kan jedhamu ergaan barreessaan dabarsu bareedaa yookiin yaada barreeffamichaa dubbisaan dubbisee haala gaariin hubachuu kan danda'u yoo ta'e dha.kana jechuun barreeffamni tokko yeroo barreeffamu ergaa dabarsuun barbaachise sana nama kamiifuu ifa akka ta'utti kan barreeffamu jechuudha.

Guutumma ilaalchisee kelly fi lowton (2006) yoo ibsan "barruun tokko guutummaa qaba kan jedhamu keeyyattoonni barbaachisoo hin taane fi jechoonni hiikni isaanii ifaa hin taane barreeffama keessati kan hin argamne yoo ta'e dha." jechuun ibsu.Kanaafuu bareeffamni guutummaa qabu tokko galma gahiinsa kaayyoo barruu tokkoof isa bu'uuraa ta'uu isaa nu hubachiisa.

### **E. Tartiiba**

Ulaagaalee barreeffamni gaariin ittiin mirkanaa'u keessaa tartiibni isa tokko ta'ee, haala odeeffannoo barruu tokkoo yookiin keeyyata tokko keessatti dhiyaatu kan ilaallatuudha. kana jechuunis barruun tokko yeroo barreeffamu gacha yookiin taatee dura raawwatame dura dhiyeessuun tartiibaan gara gocha isa booda raawwatametti ce'uu qaba.Karaa biraa immoo wanta

barbaachisummaan isaa guddaa ta'e dura aansuun kan faayidaan isaa xiqqaa ta'e immoo boodarra dhiyeessuu qaba.(ibsa deemuu qaba).

Kanaafuu barreessaan tokko ergaa barbaade haalaan dhiyeessuu fi dubbistoota isaa hawwachuuf, ulaagaa barruun gariin tokko qabaachuu qabu beekuun barbaachisaadha.

## **2.4. Dandeettii Barreessuu Cimsachuu**

Namoonni baay'een dandeettii barreessuutiif ilaalcha gaarii hin qaban. Waan jibbaan ilaalaniif itti seenanii hin barreessan. namoota muraasa qofaatu barreessuu yaala.haa ta'uyyu malee, namni fedhii fi dandeettii barreessuu guddifachuuf fedha qabu kamiyyuu waan sammuu keessaa qabu waraqaarra kaa'uu na danda'a. Garuu namni yaada gaarii hin taane barreessuurratti qabu dandeettii isaa cimsachuuf dhiibbaa waan irratti qabuuf yaada kana jijjiiruu qabna. Kun taanaan, dandeettiin kun waan hin fooyyofneef hin qabu.

Elbow.p (2000) dandeettii barreessuu cimsachuu irratti hayyuun kun itti dabaluun yeroo ibsu: shaakalli barreessuu dubbisaa biroof osoo hin taane, ofii keenyaaf kan goonu, isa dubbisaa birootiif goonu caalaa barreessuu qabna. Gama birootiin ammo yeroo barreessinu yaada barreessinu irratti xiyyeeffachuu qabna. Barsiisaa barreessina taanaan garuu haala barreeffachi itti madaalamu yaadaa barreessuu qabna. (f.39)

Yaada armaan olii kana cimsuun byrene (1991:40) yeroo ibsu. "shaakalli barreessuu irraatti barataaf kennamukan isaan gammachiisuu fi kan barreessuuf isaan kakaasu, dandeettii isaanii waliin kan deemu fi yaada irratti burqisiisuu kan danda'aniifi addunyaa dhugaa jireenya isaanii keessatti qabatamaan isaan mudatu ta'uu qaba." jedha.

Raimes(1993:104-105) akka ibsitutti,

Barreeffamni gareen kan barattoonni hojii barreessuu irrattigaree xixiqqoo waliin hojjechuun barreessan barbaachisummaa qaba. Sababiin isaas gulantaa barreessuu kamiyyuu keessatti mariin garee adeemsa barreessuutiif karaa barbaachisaa ta'een yaada hedduu maddisiisa. Barattoota garee kanaa keessaas yaada bu'a qabeessaa fi kan sirrii ta'e qindeeffamaa fi yaada sirrii ta'e tartiiba eegsisuu kan danda'an akka barreessaatti yeroo hojjetan, barattoonni hafan immoo caasaa himaa, filannoo jechootaa fi mala walqabsiisaa yaada gaarii ta'e irratti yaada kennu. Barruu garee kanaa yeroo barreessaa jiranitti

muuxannoo akka wal irraa argatanii fi barsiisaan haala salphaan akka to'atee qajeelchuuf fayyada.

Akka B.Balaji reddy, M.M. Gopi, (2013) jedhutti,

*francis bacon right opined that 'writing makes a man exact. So to make aman exact the teacher should not forget to teach the students. The skill of writing but writing is rather of difficult task which requires the conscious efforts language laboratory will be a good resource for the English teacher to develop the writing skills of the students.*

akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti, barreessun nama nama taasisa; kanaaf jecha barsiisonni dandeettiin barreessuu hojii cimaa humna gaafatu, dandeettii kana akka barattoonni cimsataniif irratti hojjechuu qabu jechuu dha.

Walumaa galatti yaadota armaan olii kana irraa wanti wanti hubachuun danda'amu dandeettii barreessuu cimsachuuf shaakalli akka barbaachisu, hojii shaakalaa barsiisaan nuuf kennu biratti dhuunfaanis ta'e gareen waan ibsachuu barbaannu bareessinee yaaluu qabna. gama biraatiin barsiisaan ammoo barattoonni gareen akka shaakalan gochuu fi shaakala keessa dogoggora barattoonni uuman sirreessuu qaba. kana malees shaakalli barsiisaan kennu dandeettii barattoota waliin kan deemuu fi fedhii barattootaa waliin kan deemu fi fedhii barattootaa kan kakaasu ta'uu qaba.

## **2.5. Wantoota Dandeettiin Barreessuu Akka Ulfaatu Taasisan**

Dandeettiinwan afaanii jiran keessaa ogummaan dandeettii isa baay'ee rakkisaa fi wal xaxaa ta'e dha. Kunis barattoota afaan lammaffaa qofa osoo hin taanee, barattoota afaan ittiin hiikkataniifis ogummaa ulfaataa dha. Kana ilaalchisees,

Byrne(1988:4) yeroo ibsutti:

*We can now begin to understand why writing is difficult activity for most people in the mother tongue and in language. We should look at the problems which are called by writing under three headings: psychological, linguistic and cognitive and through these inevitable.*

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu afaan tokkoffaas ta'e afaan lammaffaan barreessuun kan ulfaatu ta'uu isaa ti. Sababoota barreessuun akka ulfaatu taasisan keessaa isaan ijoon: rakkoo xiinsammuu, rakkoo xiinqooqaa fi rakkoo dandeettiiti.

### **A. Rakkoo Xiinsammuu**

Yeroo barreeffama tokko barreessinu dubbisaan keenya waan nu bira hin jirreef carraan nuti dogoggora keenya sirreeffachuuf qabnu hinjiru. Kana malees, dubbisaan keenya barreessaa isaa waliin waan hinjirreef, gaaffii sammuu isaa keessatti uumamuuf deebii hatattamaa argachuu hin danda'. Haalli kun immoo xiinsammuu dubbisaa irratti dhiibbaa kan geessisuudha.

### **B. Rakkoo Xiinqooqaa**

Dandeettii barreessuu keessatti rakkoon xiinqooqaa rakkoo jechaa fi hima irraa kaasee hanga barruu guutummaa isaatti kanjiru hunda ilaallata. Kunimmoo jechoota barbaachisoo bakka barbaachisutti galchuu dhiisuun, walqabatiinsi yaadaa keeyyata adda addaa gidduutti hafuu fi saffisaan barreessuun, kan barreeffame irra deebi'anii dubbisanii sirreessuu dhabuun kan uumamee dha.

Byrne(1988) yaada kana yeroo cimsitu, "Barreessaan tokko sirna tuqaalee fi walqabatiinsota adda addaa bakka baarbaachisaa ta'etti galchuun haala walta'umsa qabuun qindeessuun barbaachisaa dha." jetti.

### **C. Rakkoo Dandeettii**

Dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa kan baay'inaan namni hin fayyadamne dha. Kana jechuun dhalli namaa jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti akka dandeettii dubbachuu dandeettii barreessuu kan itti gargaaramnu miti jechuu dha. Sababiin isaas haalli jiruu fi jireenyi dhala namaa guyyaa guyyaatti kan walqabatu dandeettii dubbachuu waliin waan ta'eef dha.

Kanaafuu barreessuu jechuun immoo qalamaa fi waraqaa walsimsiisuun yaada ofii ibsachuu dha. Yeroo waan tokko barreessuuf feeneyyuu akka barbaannetti yaadni wanta barreessuuf kaanee nu jalaa baduu danda'a. Yaada armaan olii kana Elbow "2000" yemmuu ibsu, "Ulfaatina dandeettii barreessuuf ka'umsi isaa nama bira jira." jedha. Kanaafuu barruu gaarii qopheessuun

dandeettii fi muuxannoo namootaa barbaada.Kunimmoo yeroo dheeraa waan fudhatuuf obsa gaafata jechuu dha.Dabalataanis ilaalchi nuti dandeettii barreessuuf qabnu murteessaa dha.Kana jechuun namni tokko ogummaa barreessuuf yaada qajeelaa osoo hinqabaatin ykn dandeettiin kun ogummaa akka ta'etti hin hubatin barreeffama gaarii qopheessuu hin danda'u.Kanaafuu karaa kallattiinis ta'e alkallattiin tilmaamni nuti barreessuuf qabnu tokko barreeffama gaarii qopheessuuf dhiibbaa qaba jechuu dha.Kana malees,dandeettiin barreessuu kan baratamu itti yaadamee mana barnootaa keessatti dha.Kanaafuu namni barreessuu qopheessuu fedhu waan barate hojiitti hiikuutu irraa eegama.

Kanatti dabaluun Nunan(1991) "Barreessuu wantoota ulfaataa taasisan keessaa tokko namoonni baay'een qulqullina barreeffama isaaniif waan dhiphataniif."kunimmoo filannoo jechootaa,gumee qopheessuu fi walqabatiinsa yaadaa keeyyataa fi himootaa malee qulqullina barreeffamaarratti xiyyeeffachuun qofti barreeffama keenya barruu gaarii kan hin hinjechisiifne ta'uu isaa ti.

Walumaa galatti,barreessuun gocha ulfaataa ta'e gabbifachuuf rakkoo xiinsammuu,xiinqooqaa fi beekumsa qabiyyee wanta barreeffamuu,jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti galchuun barreessaa tokko irraa kan eegamuu dha.Dandeettii kan gabbifachuun kan danda'amus barataan sadarkaalee barnootaa keessa darbu hundatti gilgaalota dandeettii barreessuu cimsuu danda'anitti yoo gargaarama ta'e dha.Beekan,(2015:181)

## **2.6. Rakkoolee Barreessuu Keessatti Nama Mudatan**

Namni barreessu tokko kan hin dogoggorre osoo hin taanee yookiin barruun tokko osoo dogoggorri keessatti hin uumamin gara sirriitti kan dhufu osoo hin ta'in barreessaan tokko barruu isaa keessatti dogoggora uumame addaan baasee beekuun barbaachisaa dha.

Rakkooleen barreessuu keessatti nama mudatan isaan muraasni kan armaan gadii ti.

### **2.6.1. Rakkoo Qubee Sirreessuu**

hanqinni barreeffama keessatti mul'atukeessaa inni tokko qubeessuu dha.qubeessuun quboonni afaan tokko keessa jiran haala seera afanichaatiin wal duuka hiriiruun jecha hiika qabu tokko ijaaruudha.barreeffamni barruu tokko qubee sirriin hin barreeffamu taanaan barreeffamni

dhiyaatu sun dhaamsa yaada barbaadame sana jijjiira.sirriitti barreessuu yookiin qubeessuun wal qunnamtii sirrii raawwachuuf isa murteessaadha. qub guddeessa ilaalchisee Clark fi warra biroo (1994:51) akka itti aanutti ibsu,

*one of the keys to succesful communication is correct spelling. in writing amis placed word can detract the reader from content of the message and cause misunderstandig in correct spelling may also cause embarrassment because it lowers the writers image in the reader's mind. proper spelling there for, is basic to effective communication.*

Gray.F. (1987:694) qubee sirreessuu ilaalchisee, jechoota adda baasuun barachuu fi yaadannoo qabachuu, yaadannoo qabatan irra deebi’anii ilaaluundeettii qubeessuu ni fooyyessa.Kana malees malli dandeettii barreessuu ittiin cimsatan keessaa tokko wanta barreessine tokko fooyyessuun dubbisuudha.yaaduma armaan olii kana cimsuun Glncoe (2001:828) yeroo ibsu, “malli filatamaan dandeettii barreessuu cimsan dubbisaa fedha qabeessa ta’uu dha.Yeroo jecha baay’ee argitu sadarkaan yaadachuukees dabalaa deema.Kana malees qubee sirreessun kan baratamu, seera qubeessuu barachuun, akkaataa itti qubeessamu xiyyeeffannoo itti kennuun jechoota haaraa qubeessuu fi kuusaa jechootaan wal bira qabuun ilaaluudha.”jedha. kanaafuu, barreeffama dogoggora qubeessuu qabu dubbisuu fi ergaa isaa hubachuun kan namatti ulfaatuudha. Kana malees dogoggorri hiikaa yookaan ergaa barruu tokkoo ni jijjiira. Sababa kanaaf barreeffama dogoggora hin qabne barreessuuf barruu adda addaa dubbisuu fi kuusaa jechootaa adda addaa dubbisuun gaariidha.

Itti dabaluun Clark fi warreen biroo (1994:51) akka ibsanitti,

*One of the key to succesful communication is correct spelling. In writing aims placed word an attract the reader from content of the message and cause mis understanding. In correct spelling may also cause embarrassment because, it lowers writers image in the readers mind. Proper spelling there for, is basic to affective communication.*

Walumaa galatti wal qunnamtii barreeffamaan taasifamu tokkoof sirriittii qubeessuun iddoo guddaa kan qabu yoo ta’u, dogoggorri uumamus ergaa karaatti hambisuu irrayyuu darbee barreessaa kan qeeqsisu ta’uu isaati. Kanaafuu wal qunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti qubee sirriitti eegnee, seera barreeffama afaanichaa eegne barreessuu qabna.

## **2.6.2. Rakkoo Sirna Tuqaaleetti Halaan Fayyadamuu Dhabuu**

Sirna tuqaaleetti sirnaan fayyadamuu dhabuun rakkoolee barreeffama keessatti nama mudatan keessaa isa tokkodha. Kunis kan ta'uu danda'uuf barreeffama keessatti bakka adda addaatti sirna tuqaalee adda addaa waan fayyadamnuuf qabna. Sababiin isaas barreeffama keessatti sirni tuqaalee murteessoo waan ta'aniif, barreeffama kamiyyuu keessaa hafuu hin danda'an. Sirna tuqaalee ilaalchisee Richard (1990:840) akka kaa'etti "punctuation is the act of punctuating apices of writing without any punctuation is difficult to understanding." Jedha. Kan jechuun sirni tuqaalee barreeffama tokko keessatti gocha tuqeessuun kan agarsiifamuu fi dhaamsa barreeffama tokkoo hubachuufis isa murteessaa akka ta'e hubanna.

Yaaduma kanatti dabaluu Gray (1987:335) sirna tuqaalee yeroo ibsu: Konkolaachisaan rakkoo cimaa akka tasaa konkolaataa mudatu ittisuuf ajaja mallattoolee tiraafikaa daandii konkolaataarra jiru fudhachuu qaba. Mallattooleen kunis: bakka konkolaataan itti dhaabbachuu qabu, irraan gadee fi bakka suuta konkolaachisuu qabu, akkuma itti agarsiisan; tokko tokkoon tuqaalee barreeffama keessatti dubbistoonni itti fufanii akka dubbisani fi bakka dhaabbachuu qabanitti akka dhaabbatan taasisa jedha.

Walumaa galatti sirni tuqaalee akkaataa barreeffamni tokko itti barreeffamu kanmurteessaanii dha. Kana malees, barreeffama keenyaaf hiika kan kennudha. Kanaafuu, barreeffambi tokko sirna tuqaalee malee ergaa isaa hubachuun hin danda'amu. Kun akka hin taaneef sirna tuqaalee barbaachisan bakka barbaachisaa isaatti fayyadamuun nurraa eegama.

## **2.6.3. Rakkoo Qubguddeessatti Haalaan Fayyadamuu Dhabuu**

Barreeffama tokko keessatti qub-guddeessi baay'ee barbaachisaadha. Seera barreeffamni tokko guutuu qabu keessaas qub guddeessi isa tokko dha. kana irratti akka hayyuun Gray .F. (1987:302) ibsutti, "qub-guddeeyyiin sirriitti itti fayyadamnaan jalqaba hima haaraa, yookiin jechoota murtaawoo hima tokko keessa jiran hubachiisuudhaan dubbistootatti karaa agarsiisu." Jedha.

Yaada kanatti dabaluu Geetaachoo (2009:163)

Qub guddeessi barreeffama keessatti tajaajila adda addaa kenna. Jalqaba himaa fi bo'oo walaloo (b) maqaalee waamamsaa: maqaa namootaa, maqaa biyyootaa fi naannolee, kallattiiwwan,

qoodama yeroo fi tibbootaa, dhaabbilee fi jaarmiyaalee hawaasummaa, maqaa dhaabbilee mootummaa fi dhuunfaa, maqaa gaarreenii, maqaa laggeenii fi haroowwanii, garbootaafi galaanotaa qubee guddaadhaan eegaluu qabu.

Walumaa galatti barreeffama tokko keessatti kanneen qubee guddaatiin eegaluu qaban utuu hin barreeffamiin yoo hafan barreeffamichi ulaagaa kan hin guunne ta'a. Kanaafuu qub guddeessa bakka barbaachisaa isaatti eegnee itti fayyadamuun waan barreessa tokkorraa eegamu dha.

## **2.7. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii**

Qorataan kun qorannoo kana yeroo gaggeessuuf jedhu qorannoowwan kanaan dura hojjatamankan qotrannoo inni gaggeessuuf jedhe waliin walitti dhiheenya qaban qaban sakatta'eera. Haaluma kanaan mata duree qorannoo isaa waliin walitti dhufeenya kallattiidhaan kan qabu argachuu baatullee, qorannoolee kanaan dura hojjatamanii mata duree qorannoo isaa waliin walitti dhiheenya qaban argachuu dandeesseetti.

Qorannoo inni duraa bara 2016/2008/ Siisaay Siyyumiin mata duree “xiinxala wantoota dandeetti barreessuu barattoota afaan oromoo irratti dhiibbaa geessisan” jedhu irratti mana barumsaa kan mootummaa lamaa fi mana barumsaa dhuunfaa sadi irratti magaalaa Shashamaneettii kan hojjatameedha. Kaayyoon qorannoo Siisaayrakkoowwan bu'uuraa keeyyata afaan oromootiin barreessuu irraatti barattoota kutaa 11<sup>ffaa</sup> mudaatan adda baasuu dha. Bu'aan qorannocharraa argames barsiisoonni dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf tattaaffii isaan godhan gadaanaa akka ta'ee dha. Qorannoon amma gaggeeffamaa jiru garuu, sakatta'a dandeettii barreessuu barattoota sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> karraa goraa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> kan jedhuu dha. qorannoon kunis kan siisaay waliin dandeettii barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaatiin walitti dhufeenya qaba. Qorannoon kunis bara 2012 barachaa kanneen jiran. Qorannoon kunis kan siisaay waliin dandeettii dandeettii barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaatiin walitti dhufeenya qabu.

Qorannoon gaggeeffamaa jiru qorannoo Siisaay Siyyumiin gaggeeffame waliin wanti adda isa taasisu:

- Mana barumsaa tokko qofarratti kan gaggeeffame ta'uu,
- Mana barumsaa mootummaa qofarratti kan gaggeeffame ta'uu,



- Magaalaa keessatti qorannoon gaggeeffameen kan adda ta’anii dha.
- Kutaa (daree) barnootaa barattoonni keessatti barataniin.

Qorannoo kanaan kan walitti dhufeenya qabu inni lammaffaan bara 2009’tti Raggaasaa Asaffaatiin kan gaggeeffame yemmuu ta’u, mata dureen qorannichaas: “Xiinxala Dandeettii barreessuu barattootaa kutaa 7ffaa irratti kan xiyyeeffate ta’ee, qorannichi Godina Baaleetti barattoota mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa kutaa 7ffaa Magaalaa Gaasaraa irratti kan xiyyeeffatee dha. Bu’aan qorannicha irraa argames barattoonni dandeettii barreessuu shaakalaniif deeggarsi fi hordoffiin gara barsiisaatiin godhamuuf baay’ee laafaa ta’uu isaa ti.

Qorannoon gaggeeffamaa jiru kan Raggaasaa waliin wantoonni inni ittiin adda ta’u keessaa:

- ✓ Qorannoo sakatta’a dandeettii barreessuu barattootaa kannee mana barumsaa sadarkaa lammaffaa barataa jiran irratti kan gaggeeffamu ta’uun.
- ✓ Godina qorannoon itti gaggeeffamuun kan wal hin fakkaanne ta’uu fi barattoota barnoota isaanii sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> marsaa 2<sup>ffaa</sup> erga xumuran booda gara mana barumsaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> barataa jiran irratti kan gaggeeffamu ta’uun.
- ✓ Barsiisonni barattoota kana barsiisan muuxannoo fi sadarkaa barnootaan barsiisota sadarkaa tokkoffaa kan caalan ta’uun garaa garummaa qorannoo kanneen gidduu jiranii yemmuu ta’u, dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuun immoo, qorannoo kana wal fakkeessuu dha.

Qorannoo kanaan kan walfakkaatu inni sadaffaan, Taaddalach Taaddasaatiin bara 2009’tti mata duree “Xiinxala gahumsa ogummaa barreessuu barattootaa Afaan Oromoo barachuu kutaa tokkoffaatti eegalanii fi kutaa shanaffaatti eegalan” kan jedhu yemmuu ta’u, innis Godina Shawaa Kaabaa Sanaa Qimbibiititti mana barumsaa sadarkaa lammaffaa shanootti gaggeeffame dha. Xiyyeeffannoon qorannoo Taaddalachiis, barattoota Afaan Oromoon afaan hiikkatanii, kutaa tokkoffaatti barachuu eegalanii fi kanneen Afaan Oromoo akka afaan lammaffaa kutaa shanaffaattii barachuu eegalan, kutaa saglaffaatti immoo, lamaan isaanii walitti dhufanii yeroo waliin baratan dandeettii barreessuu isaanii xiinxaluu dha.

Bu’aan qorannicharraa argames, barattootni Afaan Oromoon afaan hiikkatanii fi kutaa tokkoffaatti barachuu eegalan kanneen Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kutaa shanaffaatti

barachuu eegalan caalaa dandeettii barreessuutiin fooyya'oo akka ta'an ibsa.Qorannoo Taaddalachii fi qorannoo gaggeeffame kana wantoonni adda godhan:

- Bakkaa fi yeroo qorannoon itti gaggeeffameen
- Sadarkaa barnootaa barattoota qorannoon irratti gaggeeffameen
- Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii fi akka afaan tokkoffaatti barataa jiran walbira qabuun qorannoo gaggeeffamee fi barattoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaaKaarraa Gor kutaa saglaaffaa fi kurnaffaa afaan hiikkataniin (Afaan Oromoon) barataa jiran irratti qorannoo gaggeeffame yemmuu ta'u,dandeettii barreessuu barattoota irrattiiyyeeffachuun immoo kan qorannoo kana wal fakkeessanii dha.

Qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qabu inni afraffaan, kan Masarat Zawudeetiin bara 2009 gaggeeffame yemmuu ta'u,mata dureen qorqnnoo isheetiis,"Hanqina dandeettii barreessuu Afaan Oromoo irratti barattoonni akka afaan lammaffaatti barata qaban"kan jedhu yoo ta'u,bakki qorannichi irratti gaggeeffames Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatti mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Abbaa Bunaa fi Saxoo Sammaroo irratti kan gaggeeffamee dha.Xiyyeeffannoon qorannoo isheetiis,dogoggora barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan barreeffama isaanii keessatti qaban adda baasuu yoo ta'u,bu'aan qorannoo qorattuu kanaa irraa argames,dandeettii barreessuu barattoota kana keessatti dogoggorri argames:qubguddeessa,jecha jabaatu laaffisuu,isa dheeratu gabaabsuu,isa gabaabbatudheeressuu,walqabsiiftota fayyadamuu dhiisuu,sirnatuqaaleettiseeraan fayyadamuu dhiisuu,walqabatiinsi yaadaa ciccitaa ta,uu fi jecha afaan dhalootaa fayyadamuun akka jiru keessi.

Qorannoo gaggeeffame kanaa fi kan Masarat wantootni adda taasisan:

- ❖ Barattoota Afaan dhalootaan baratan irratti kan gaggeeffame ta'uu
- ❖ Barattoota baadiyyaa fagoo irra jiraatan irratti kan gaggeeffame ta'uu
- ❖ Barattoota bara garaa garaa keessatti baratan irratti kan gaggeeffame ta'uu
- ❖ Barattoota mana barumsaa tokko qofarratti kan gaggeeffame ta'uun walumaa galatti qorattuun kun qorannoo gaggeessuuf qorannoowwan adda addaa xiyyeeffannoon kan sakattaate ta'uu ishee ti.

# **BOQONNAA SADI: SAXAXAA FI MALLEEN QORANNICHA**

## **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoon kun barreeffama barattoota sakatta'uun barattooni irra caalaatti hanqina gama kamiin akka isaan qaban adda baasuu fi furmaata kennuu irratti kan xiyyeeffatee dha. Saxaxni qorannoo qorattuun kun gargaaramtes, qorannoo addeessaa yemmuu ta'u, gosti qorannoo addeessaa yaada mala qorannoo akkamtaa fi hammamtaa of keessatti kan qabatee dha. Saxaxa ilaalchisee Addunyaan, (2011:63) cohen, mnion and marrison (2995:75) wabeeffachuun yeroo ibsu "Research design is governed by the nation fitness or purpose, the purpose of research determine the methodology and design of research" jedha. Akka yaada kanaatti saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoo qorannichaatiin kan murtaa'uu dha.

## **3.2. Malleen Qorannichaa**

Qorannoo kana keessatti qorattuun qorannoo akkamtaa fi hammamtaa haala giddu galeeffateen gargaaramte. Sababni isaas, kaayyoon qorannichaa dandeettii barreessuu barattoota mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Kaarraa Goraa afaan dhalootaa (Afaan Oromoon) baratan sakatta'uun hanqina isaan barreeffama isaanii keessatti qaban adda baasuu waan ta'ee fi ragaan saxaxa qorannoo kana lamaaniin walitti qabame amansiisummaa qorannoo kanaaf human ta'a jettee waan amanteefi dha.

Gama biraatiin qorannoon akkamtaa raga lakkoofsaan argaman himootaan qindeessee yeroo ibsu, qorannoon hammamtaa immoo ragaalee adda addaa argaman bifa gabateetiin waan ibsuuf qorattuunis qorannoo ishee mala qorannoo makaa gargaaramtee jirti.

## **3.3. Irraawwatama Qorannichaa**

Irraawwatamtoonni qorannichaa barattoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Kaarraa Goraa kutaa 9ffaa fi 10ffaa barataniidha. Baay'inni barattoota kutaa 9ffaa fi 10ffaa 180 yemmuu ta'an isaan keessaa iddattoon adda kan bahee dha.

### **3.4. Tooftaa Iddatteessuu Qorannichaa**

#### **3.4.1. Barattoota**

Barattoonni kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barumsaa iddattoon fudhatame lakkoofsaan hedduu waan ta'aniif, isaan keessaa iddattoo fudhachuun odeeffannoon funaanameera.

Haaluma kanaan, barattoota mana barumsaa kanatti baratan kutaa 9ffaa fi 10ffaa dhiira 94 fi dubara 86 walumaa galatti barattoota 180 dha. Isaankeessaa barattootni iddattoo fudhatamanii kutaa 9ffaa keessaa baay'inni barattoota dhiiraa 20 fi dubara 20 walumaa galatti barattoota 40 yoo ta'an, kanneen kutaa 10ffaa keessaa fudhataman immoo barattoota dhiiraa 18 fi dubara 19 ida'ama 37 dha. Walumaa galatti barattoota kutaa 9ffaa fi 10ffaa dhiiraa dubaraa 77 (torbaatamii torba)ta'an akka iddattootti fudhatamaniiru. Malli iddatteessuu iddattoon barattootaa ittiin fudhatame kun mala iddattoo miti carraati. Sababni isaas fedhaa fi yeroo barattootni qabaachuu danda'an irratti hundaa'amee odeeffannoo fudhachuun waan barbaadameefi.

#### **3.4.2. Barsiisota**

Barsiisonni iddattoo qorannoo kanaa ta'an immoo barsiisotuma kutaa 9ffaa fi 10ffaa Afaan Oromoo barsiisaa jiran dhiira lamaa(2) fi dubara tokko (1) walumaa galatti barsiisonni iddattoof filataman sadi (3) dha. Sababni isaa rakkoo dandeettii barreessuu barattootaa ilaalchisee odeeffannoo gahaa sassaabuuf gargaara waan ta'eefi. Barsiisonni kunneenis iddatteessuu miti carraan kan filatamanii dha. Siph (2006, f.86) akka jedhetti iddatteessuu miti carraan hirmaattota hunda keessaa carraa walqixa hin qaban. Akkasumas, barsiisonni kunneen akka tasaa isaanuma sadantu akkuma jiranitti fudhatamanii, odeeffannoon gahaa ta'e irraa sassaabameera.

### **3.5. Madda Odeeffannoo**

Qorannoon kun sakatta'a dandeettii barreessuu barattoota mana barumsaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> Kaarraa Goraa kutaa 9ffaa fi 10ffaa irratti waan xiyyeeffatuuf, haala baruu fi barsiisuu keessatti abbootiin dhimmaa barattootaa fi barsiisota Afaan Oromoo barsiisan waan ta'eef, haalli barreeffamaa ragaan sakatta'amuun odeeffannoon waan funaanameef, maddi odeeffannoo koos: barattoota, barsiisotaa fi ragaalee barreeffamaan jiran irraa kan sassaabamee dha. Maddi

odeeffannoo qorannoo kanaas: 1ffaan barattoota fi barsiisota yoo ta'an,maddi odeeffannoo 2ffaa immoo ragaalee barreeffamaan jiranii dha.

### **3.6.Meeshaalee Funaansa Ragaa**

Malooni odeeffannoon ittiin funaaname gosoota garaagaraa yoo ta'aniyyuu, qorattuun akkaatuma qabatamaa qorannichaa irratti hudooftee tooftaalee armaan gadiin kan sassaabbataa turtee dha.

#### **3.6.1. Afgaaffii**

Mala odeeffannoo funaanan keessaa tokko afgaaffii banaa dha.Kaayyoon meeshaan kun filatameef odeeffannoo bal'aa yeroo gabaabaa keessatti dhimma hanqina dandeettii keeyyata barreessuu baay'inaan barattoota mudatan maal irratti akka ta'e raga walitti qabuu barbaadameeti.

Barattooni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa iddattoof filataman keessaa barattoota barattoota dhiiraa 5 fi dubaraa 5 walii galaan barattoota 10 akkasumas, barsiisota gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan iddattoof filataman dhiira 2 fi dubara 1 walii galaan barsiisota 3 ta'aniif gaaffileen banaa fi cufaa ta'an bifa mariitiin kan gaggeeffamee fi odeeffannoon kan sassaabame dha.

Donscombe (2007,f.174), akka jedhetti:

*The interview will most likely provide amore suitable method attuned to the intricacy of the subject matters when the researcher needs to gain insights into respondents' feeling,opinions,emotions and experiences.Thus an interview enables for the respondents' feelings,actions,expressions and intended responses.*

#### **3.6.2. Qormaata**

Mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa qormaanni (barreeffamni) isa tokko dha.Barattooni dogoggorri barreeffama isaanii keessatti uuman maalfaa akka ta'e bira gahuuf tooftaa gaarii dha.Barattooni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan walii galaan 180 ta'an keessaa % 42.7 filatamaniiru.Barattoota dhiiraa 38 fi dubaraa 39 walumaa galatti:barattoota 77 ta'aniif keeyyata mata duree fedhaa fi sadarkaa kutaa

irra jirangiddu galeeffate barsiisota isaaniitiin akka kennamuuf ta'ee,gama dandeettii barreessuu barattoota kanaa keessatti maaltu akka itti cimuu fi irra deddeebiin maal akka dogoggoran barreeffama isaanii keessaa sakatta'uun adda baafameera.Kaayyoon isaas, hanqina dandeettii barreessuu barattootaa sakatta'uun fala kaa'uu dha.

### **3.6.3. Daawwannaa Daree**

Hojii baruu fi barsiisuu keessatti gochi barataa fi barsiisaan daree keessatti raawwatan jira. Kanas qorattuun bakka qorannicha itti gaggeessitutti argamuun hordofteetti. Kun immoo odeeffannoo gama barataa fi barsiisaatiin jiru beekuuf kan gargaaree dha.Yeroo kanattis qorattuun,barsiisaan dandeettii barreessuu barsiisuu isaanii fi dandeettiin sirriitti qubeessuu barattoota kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barumsaa Kaarraa Koraa sadarkaa 2ffaa akkasumas,akkaataa barsiisaan barattoota isaa itti to'atuu fi deeggaru maal akka fakkaatu yaadannoo dhuunfaa ishee kan qabatee dha. Kanaafuu qorattuun daawwannaa kutaa keessaa kan gaggeessite yoo ta'u, adeemsa baruu barsiisuu keessatti hojiin barattootaa gama barreessuutiin maal akka fakkaatu hordofuudhaan qabxiilee barbaachisoo argachuu dandesseetti. Kana malees, daawwannaa daree gaggeessitu keessatti qabxiilee hordoffii qopheessuun barattoonni maai irratti hanqina akka qaban adda baasuudhaan daawwannaa ishee kan gaggeessitee dha.

### **3.7. Mala Qaaccessa Ragaa**

Ragaa qaaccessuun yaada odeeffannoo kennitootarraa ,afgaaffiin,qormaataa fi daawwannaan argame walitti qindeessuu jechuu dha. Kana malees, adeemsa odeeffannoo funaaname tokko kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'anii yaada itti kennan, adeemsa kallattii argannootti nama geessuu fi adeemsa murtii tokkorraan nama geessisuu danda'u jechuu dha. Haaluma kanaan malli qorattuun raga yookiin odeeffannoo argatte ittiin qaaccessitee fi hiikte lakkoofsaa fi jechaani dha.

## **BOQONNAA AFUR: QAACCESSAA FI IBSA ODEEFFANNOO**

### **4.1. Odeeffannoo Waliigalaa Barattoota Mana Barumsaa Kaarraa Goraa Sadarkaa 2ffaa Kutaa 9ffaa Fi 10ffaa Baratani**

Barattoonni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Kaarraa Goraa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan waliigalaan 180 ta'an keessaa barattoota kutaa 9ffaa dhiira 44 fi dubara 50 waliigalaan barattoota 94 ta'an keessaa barattootni iddatteeffaman dhiira 20 fi dubara 20 waliigala 40 yoo ta'an , barattoota kutaa 10ffaa waliigalaan baratan 86 keessaa kan iddatteeffaman dhiira 18 fi dubara 19 barswalitti dhiira 38 fi dubara 39 ida'ama 77 barattoota waliigalaa keessaa % 42.7 kan ta'an qorannoo kana keessatti akka iddattootti qooda fudhataniiru.

### **4.2. Sakatta'a Dogoggora Barattootaa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Irratti Qabani**

#### **4.2.1. Keeyyata Barreessuu Keessatti Dandeettii Barattootaa Qormaata Qoruun Xiinxalame**

Barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan shaakala dandeettii keeyyata barreessuu hangam xiyyeeffannoo itti kennuun akkaataa seerri barreeffama Afaan Oromoo eeyyamuun barreessuu danda'u kan jedhu ilaaluuf kan kaayyeffate ture. Bu'uuruma kanaan qorattuun mata duree adda addaa irratti akka barattoonni barreessan godhameera. Kanuma irraa ka'uun mata duree fedhii fi sadarkaa barumsaa irra jiraniin walmadaalu barsiisaa isaaniitiin akka kennamuuf taasifameera.

Gabatee xiinxala barreeffama mata duree tartiiba wantoonni itti qophaa'an irratti keeyyata barattoonni barreessan irraa funaaname.

Akkaataa barattoonni itti barreessan	Barreeffama isa sirrii	Qubee keessaa hafe	Qubee itti dabalame
Fayyidaa	Faayidaa	-a-	-y-
biyyaa	Biyya	-	-a-
qoorichumma	Qorichummaa	-a-	-o-
ittin	Ittiin	-i-	-

qabaa	Qaba	-	-a-
uummamatti	Uumamaa ti.	-a-	-m-, -t-
hedduutti	Hedduuti	-	-t-
Bashannaanafi olaa	Bashannanaaf oola	-a-, -o-	-i-, -a-
biLchesuuf	bilcheessuuf	(l) xiqqaa, -e-, -s-	(L) guddaa
hoJJetamaan	hojjetaman	(j,j) xiqqaa	(J,J) guddaa, -a-
baayy, inan	Baay'inaan	(') , -a-	-y-, qoodduu
Hundiinu	hundinuu	-u-	-i-
gabbarra	gabaarraa	-a-, -a-	-b-
sinni	Siinii	-i-, -i-	-n-
ibssamuu	ibsamuu	-	-s-
xaragame	Haxaa'amee	Jecha Afaan Oromoo	Jecha Afaan Amaaraa
walummaa gaalati	Walumaa galatti	-t-	-u-, -m-, -a-
waaJJiraa	waajjira	(j,j) qubee xixiqqaa	-a-, (J,J) qubee guddaa
qonan bulan	Qonnaan bulaan	-n-, -a-, -a-	-
hin tuffaattiin	Hin tuffatin	-	-a-, -t-, -i-
Ollcha	Oolcha	-o-	-l-
Qabanniis	qabanis	-	--n-, -i-
biqltoonni	biqiltoonni	-	-i-
qilleenssa	qilleensa	-	-e-, -s-
Ijaarssa	Ijaarsa	-	-s-
hoJJetamaan	hojjetaman	(jj) xiqqaa	-a-
baayy, inan	baay'inaan	Hudhaa, -a-	-y-, qoodduu
biLchesuuf	bilcheessuuf	(l) xiqqaa, -e-, -s-	(L) guddaa



Gabatee xiinxala mata duree Faayidaa Bunaa jedhuun keeyyata barattoonni barreessan irraa dogoggora funaaname

Akkaataa barattoonni barreessan	Barreeffama isa sirrii	Qubee keessaa hafe	Qubee itti dabalame
bunii	bunni	-n-	-i-
garaagaara	gargaara	-	-i-, -i-
boli	boolli	-o-, -l-	-
heeduu	hedduu	-d-	-e-
Keennaa	Kenna	-	-e--, -a-
naannodhaf	naannoodhaaf	-o-, -a-	-
fayyidaa	faayidaa	-a-	-y-
nii olaa	ni oola	-o-	-i-, -a-
ada isa	Aadaa isaa	-a-, -a-, -a-	-
kununsun	kunuunsuun	-u-, -u-	-
Dhalii	Dhalli	-l-	-i-
Taajajila	tajaajila	(t) xiqqaa, -a-	(T)guddaa, -a-
olaan	oolan	-o-	-a-
Itisu	Itisuu	(i)xiqqaa, -t-, -u-	(I)guddaa
gudaa	guddaa	-d-	-
beekkamadha	Beekamaa dha.	-a-	-k-
Akataan	akkaataan	(a)xiqqaa, -k-, -a-	(A)guddaa
hamaa	hamma	-m-	-a-
wanta'ef	waanta'eef	-a-, -e-	-
bayye	baay'ee	-a-, -e-	-
Inii	Inni	i guddaa, -n-	-i-
Dhugatiidhaf	Dhugaatiidhaaf	d xiqqaa, -a-, -a-	-D guddaa
nannoletti	naannoletti	-a-, -e-	-
Siiriitii	Sirriitti	-r-, -t-	-i-, -i-
waJiin	wajjin	-j- xiqqaa, -j-	J guddaa, -i-
malaqaa	maallaqa	-a-, -l-	-a-

uummani	ummanni	-n-	-u-
ola	ollaa	-l,-a-	-
dadaha	danda'a	-n-	-

Akkaataa gabatee armaan olii kanarraa hubatamutti barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan dogoggorri barreeffama isaanii keessatti baay'inaan yookaan hunduu hanqina qubeessuu kan qaban ta'uu isaa ti. Kana malees, barattoonni baay'inaan jalqaba keeyyataa irratti qubguddeessa kan fayyadamanii fi hima ijoo eegaluun himoota calla tarreessuu yoo danda'anillee irra deddeebiin kan barreessan ta'uun ni mul'ata. Akkasumas, gidduu jechaatti qubee guddaa galchuun kan barreessanis mul'ataniiru. Dabalataanis, bakka hudhaa fayyadamuu qabanitti miila jechaa jalatti qoodduu galchuun barreessanis ni jiru. Kana biratti immoo, jechi jabaatee barreeffamuu qabu laafee, kan laafee barreeffamuu qabummoo jabaatee yoo barreeffamu xiinxalameera. Akkasumas, jechi gabaabbatee barreeffamuu qabus dheeratee kan dheeratee barreeffamuu qabummoo gabaabbatee barreeffames mul'ateera. Hammallee kanneen barreeffama isaanii keessatti qubee dubbifamaa sadi walitti aansanii barreessaniis akka jiran kan qorattuun barruu isaanii keessaa sakattaatee dha.

Walumaa galatti barattoonni iddatteeffaman kanneen qormaataa keeyyata barreessisuun barruu isaanii keessaa dogoggorri sakatta'ame baay'inaan qubeessuu yoo ta'u, ulaagaa keeyyata gaarii ta'e tokkoon barreessuu isaaniif immoo qubguddeessi kan xiinxalamee dha. Kanas barreeffama isaanii keessaa wanti hubatame: jalqaba himaa fi jechoota qubee guddaan eegaluun itti jiru dhiisaniitu jechoota qubee guddaan eegaluun hin barbaachifnetti fayyadamuun , jecha tokko gidduutti fayyadamuun, jalqaba himaarratti fayyadamuu dhiisuun kan mul'atee dha. Dabalataanis, jechoota keessatti dubbifamaa sadi walitti aansuun yookaan walduuka fayyadamuun mul'ateera. Gama walqabatiinsa yaadaatiin illee yaadni isaanii ciccitaa ta'uun, sirna tuqaalee bakka barbaachisutti fayyadamuu dhabuu fi bakka hin barbaachifnetti fayyadamuu fa'an xiinxalameera. Tokkummaa dhabuun ergaa barruu keeyyata isaanii keessatti kan ilaalamee dha. Akkasumas, uunki barreeffama hololoo akka uunka walalootti kan barreeffame ta'uunis barruu isaanii irraa xiinxalameera.

## Gabatee Xiinxala Keeyyata Seenaa Namootaa Barreessisuun Dogoggora Funaaname

Jecha barattoonni barreessan	Jecha sirrii	Qubee hafe	Qubee dabalame
Abba	Abbaa	-a-	-
Isaan	isaanii	-i-, -i-	-
Oboo	Obbo	-b-	-o-
Hadha	Haadha	-a-	-
Adde	Aadde	-a-	-
wagga	waggaa	-a-	-
Gutuu	guutuu	-u-	G guddaa
Emiilan	imalan	-i-, -a-	E guddaa
Debiani	Deebi'an	Hudhaa, -e-, -i-	-
Du'an	duunaan	-u-	Qubguddeessa, Hundaa
isanitti	isaaniitti	-a-, -t-	-
Boda	booda	-o-	Qubguddeessa
Barbacha	barbaacha	-a-	Qubguddeessa
anaa	aanaa	-a-	-
boqotaniruu	boqotaniiru	-i-	-u-
Abba Jifaar	Abbaa Jifar	-a-, -a-	-
diggiti	Diggiittii	D guddaa, -t-, -i-	D guddaa
Oboo Jibriili	Obbo Jibriil	-b-	-o-, -i-, -i-
nammatti	namatti	-	-m-
Irraa	irra	-	-a-
Anutti	aanutti	-a-	-
Afaa Amara	Afaan Amaaraa	-n-, -a-, -a-	-
Saudi	Saa'udii	S guddaa, hudhaa, -i-	-
Demana	deemana	-e-	-
isani	isaan	-a-	-i-
fudhan	fuudhan	-u-	-
aduuniya	addunyaa	-d-, -a-	-u-, -i-

Akkuma gabatee armaan olii irraa agarsiisuu yaalametti barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan mata duree seenaa dhuunfaa yookaan kan

namoota beekamoo akka barreessan taasifamanitti bifa armaan oliitti mul'atuun barreeffama isaanii keessaa dogoggorri kan xiinxalamee dha. Barreeffama isaanii kana keessatti dogoggorri qaaceffames: jecha dheerachuu qabu gabaabsuun, jecha gabaabbachuu qabummoo dheeressuun kan hubatamee dha. Akkasumas, jecha hudhaa barbaadu keessaa hanbisuun kan hudhaa hin barbaannetti galchuun barreessaniiru, dubbachiiftuu gosti isaanii adda ta'e walduukaa fayyadamuun barreessuu isaanii kan qorattuun barruu isaanii keessaa sakattaatee dha. Dabalataanis bakka qub guddeessi hin barbaachifnetti fayyadamuu fi bakka barbaachisutti immoo fayyadamuu dhiisuun ni mul'ata. Bakka jechi jabaachuu qabutti laaffisuun bakka laafuu qabutti jabeessuun kan qaaceffamee dha.

Walumaa galatti bu'aan dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irraa argame seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti hanqina akka qaban kan namatti agarsiisuu dha. Barreeffamni akkanaa kun immoo dubbisaa biratti osoo hin hubatamin hafuurra darbee barreessaan hojii isaatti akka qaana'u isa taasisa. Kun immoo kan ta'u yeroo hiikti barreeffama isaanii dubbisaa isaaniin hubatamu waan jechuu barbaadani barreessanii fi kallattiin hubatame yeroo walfaallesse dha. Kanaafuu, barreessaan tokko kaayyoo barreessuuf galmaan ga'uuf seera barreeffama Afaan sanaa eegee barreessuun barbaachisaa dha.

## **4.2.2. Afgaaffii Barattootaa fi Barsiisota Afaan Oromoo Barsiisanirraa Hanqina Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa Ilaalchisee Ragaa Funaaname**

### **4.2.2.1. Afgaaffii cufaa Barsiisota Afaan Oromoo Barsiisan Irraa Hanqina Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa Ilaalchisee Ragaa Sassaabame**

Barsiisota barattoota mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan barsiisaniif afgaaffiin dhiyaateefii ture. Barsiisonni kunneenis iddattoof kan filataman yoo ta'u, baay'inni isaaniis dhiira 2 fi dubara 1 walumaa galatti barsiisota 3 ta'an irraa odeeffannoon waa'ee hanqina dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa baay'inaan maal irratti akka ta'e yaada kennaniiru. Gaaffiin jalqaba irratti dhiyaateefii ture: barattoota sadarkaa lammaffarra jiran kana dandeettii keeyyata barreessuu isaanii foyyeessuuf fedhii fi kaka'umsa qabduu jechuun gaaffiin dhiyaateefii ture. Kanumarraa ka'uun barnoota sadarkaa lammaffaa irra dhaabbatani barattooni dandeettii keeyyata barreessuu isaanii fooyyeessuu dhabuun isaanii kun

rakkoo barsiisonni fedhii fi kaka'umsa dhabuu isaaniin kan walqabateedha moo? Barattootumatu fooyyeessuutu dadhabame kan jedhu adda baafachuuf kan kaayyeffatame ture. Barsiisonni hunduu deebii eeyyee jedhu kennaniiru.

Gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate inni lammaffaan immoo, barattoonni keessan Afaan isaaniitiin barachuuf fedhii qabuu laata? Kan jedhuudha. Kanumarraa ka'uun barsiisonni baay'inni isaanii 2 ta'an eeyyee jechuun deebii isaanii gaafa kennan, faallaa kanaan immoo, barsiisaan tokko fedhiin isaan qaban baay'ee miti jedhu. Kanumarraa ka'uun isaan eeyyee jedhan namoonni Afaan afaan hiikkataniin yoo baratan milkaa'oo ta'u, hiikni jechootaa achi keessa jiru itti ulfaachuu hin danda'u ofiif hiika itti kennaa baratus jedhu. Isaan baay'ee miti jedhanis Afaan afaan isaan ittiin hiikkatan waan ta'eef salphisanii ilaaluun afaan biraa baruu fi barachuuf baay'ee kaka'umsa qaban irraa ka'uun afaan isaaniif bakka kennuu dhabuun ni mul'ata. Kunimmoo sirrii akka hin taane eeru. Nama afaan ofii sirriitti itti barreessutu afaan ormaa yookaan afaan lammaffaa barachuu irratti milkaa'a jedhu.

Sadaffaa irratti gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate immoo, dandeettii barreessuu barattootaa foyyeeffachuuf isaan fedhii qabaniif fi hin qabne gidduutti garaagarummaan jiraa? Jechuun gaafatamaniif deebii kennaniin barsiisonni sadanuu eeyyee jechuun deebisu. Kunis kan ta'eef jedhu: barsiisonni kunneen, wanti kamuu fedhii fi kaka'umsa of keessaa qabaannaan wanti ulfaatu akka hin jirre kaasuu. Kanaafuu, barattoonni martinuu bifa wal fakkaatuun dandeettiin isaan qaban gargar ta'uun kanumaafi jechuun ragaa bahu.

Walumaa galatti yaadni barsiisota kanneenii tokkoffaan fedhii qabaachuu fi dhabuun barattoota bifa wal fakkaatuun dandeettii keeyyata barreessuu kun akka hin foyyoofne taasiseera. Lammaffaa irratti immoo, haalli isaan mana baarumsaa sadarkaa 1ffaa marsaa duraa fi marsaa 2ffaa keessatti deeggarsi qaamota dhimmamtoota barnootaa hunda biratti jiru gadaanaa yookaan rakkoo kan qabu ta'uu fi rakkoon kun immoo imaammanni barnootaa qulqullina caalaa baay'ina irratti xiyyeeffachuun barattoonni kufaatii tokko malee cunqurfamanii dareedhaa dareetti akka darban taasifamuun isaanii akka barattoonni sadarkaa 2ffaa irra gahanii gahumsa kana akka isaan hin goonfanneef taasiseera jedhu.

Kana malees, barattoonni kunneen sadarkaa 2ffaa gahanii barsiisotatti siqanii irraa barachuu caalaa of dhoksuun kan mul'atu dha. Kun immoo, dandeettii keeyyata barreessuu isaanii

foyyessuurra darbee lammii gara fuulduraaf ofitti amanamummaa hin qabnee fi lammiin dhaloota qubee akka oomishamaa hin deemne taasisa jedhu. Dabalataanis, nuti barsiisonni wayitiin afaan oromoof ramadamee jiruu fi baay'ina daree fi barattootaa qabnu irraa ka'ee yeroo barattoota kana walitti fufiinsaan deeggaruu dhabuunii fi yeroo boqonnaa keenyatti sagantaa barnootaa dabalataaf yoo waamnullee barattoota fedhii qabanii fi dandeettii barreessuu cimsachuu barbaadan qofatu argamu warri fedhii hin qabnee fi sadarkaa irra jiran kanatti kan hin barretu kana booda barraa kan jedhan bifa fakkaatuun ni harca'u yookaan guutummaan dhufanii hin baratan jechuun yaada isaanii ibsu.

#### **4.2.2.2. Afgaaffii banaa barsiisota Afaan Oromoo barsiisanirraa hanqina dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa ilalchisee raga fudhatame**

Qorattuun gaaffilee banaa ta'an dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa ilaalchisee dhiyeessuun odeeffannoo argatteetti. Gaaffilee kanneen keessaa:

Jalqaba irratti barattoota kanneen yoo akkamiin barsiiftanirra caalaa dandeettii barreessuu kana gabbifachuu danda'u jechuun gaaffii ka'eef yeroo deebisan: waan barreeffama akka barreeffametti dubbisiisuun kan jedhu hundumti barsiisotaa yookaan barsiisonni sadan deebii isaanii kennaniiru.

Tooftaa kanaan barattoota gargaaruun kun dandeettii sirreesanii barreessuuf kan gargaaru ta'uu eeru. Kanarraa wanti hubatamu, barataan waan barreeffame tokko akkuma barreeffametti dubbisuu dandeenyaan waan barreessuu yaade sanas akkuma yaadetti barreessuu danda'a.

Gaaffiin lammaffa irratti dhiyaateefis sadarkaa barnootaa irra jiranii fi yeroo qabdan irratti hundaa'uun kaka'umsi isin barattoota qubeessuu irratti qabdan maal fakkaata jedhuuf deebii kennaniin: barsiisaan 1 qofti kaka'umsa olaanaan qaba gaafa jedhan, barsiisonni 2 ta'an immoo giddu galeessa jechuun yaada isaanii eeru. Kana irraa wanti hubatamu barnoota sadarkaa lammaffaa irratti barattoota kanneen dandeettii sirreessanii barreessuu shaakalchiisuuf fedhii dhabuu irraa mul'ata. Akka yaada isaaniirraa hubachuun danda'atti barsiisonni naannoo baadiyyaa irratti barsiisanii fi barsiisonni naannoo magaalatti barsiisan baay'inni wayitii fudhatanii barsiisan wal hin madaalu waan ta'eefis, yeroo dhabuu irraa kan ka'e hagas mara xiyyeeffannoo itti kennanii dandeettii sirreessanii barreessuu barattootaa irratti jijjiiramni baay'inaan hin mul'atu.

Gaaffiin inni sadaffaan immoo rakkoo barattoonni sirriitti qubeessuu irratti qaban furuuf maal gootan isa jedhuuf deebiin isaan kennan: gaaffilee barreeffama keessa jiran gaafachuun, hima mataa isaanii ijaaruun akka barreessan taasisuun, keeyyata akka barreessan gochuun, barreeffama isaanii ilaaluun duubdeebii kennuun jechuun barsiisaan 1 deebii isaanii kennaniiru barsiisonni baay'inni isaanii 2 ta'an sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo sirriitti akka adda baasanii fi amala sagalee jechoota Afaan Oromoo sirriitti adda baasisuuf yaalii gochuun barbaachisaa ture jechuun deebii kennu. Kunis kan agarsiisu, barsiisonni dandeettii barreessuu barattootaa kana foyyeessuuf haa carraaqan malee, fedhii fi kaka'umsa dandeettii barreessuu barattootaa dabaluu yaaliin isaan taasisan akka hin jirree dha.

Walumaa galatti qaaccessa ragaa barsiisota irraa argame akka ibsutti, rakkoon guddaan dandeettii keeyyata barreessuu barattoota sadarkaa 2ffaa irra jiranii yaadessaa ta'uu fi rakkoon kun mana barumsaa sadarkaa 1ffaa marsaa duraatii kaasee osoo sirriitti irratti hin hojjatamin darbanii as gahuunii fi mana barumsaa sadarkaa 2ffaa immoo rakkoo reeshoon barataa fi barsiisaa wal gituu dhabuu fi barsiisaan wayitii baay'ee fudhatee barsiisuun yeroo qaban faana barattoota kanneen deeggaruuf akkasumas, rakkoo barattootaa kana furuuf yeroon gahaa ta'e yookaan wayitiin Afaan Oromoof ramadame shaakaala dandeettii keeyyata barreessuu barsiisuuf dhabamuu irraa kan ka'e xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuun kan mul'ate akka ta'e eeru. Rakkoon kun immoo, barattoota sadarkaa kana irra jiran irratti mul'achuun isaa barattoonni kunneen waggaa lamaa fi sadi booda hanqina dandeettii barreessuu kana qabataniin gara dhaabbilee olaanootti gaafa ce'an tarkaanfachuufi xumuranii eebbifamuun itti ulfaachuu danda'a. akkuma tasaa kan keessa darban yoo ta'ellee dhaloota fuuldura isaanii jiran qaranii baasuu irra dhaloota egeree doomsuu ta'a.

#### **4.2.2.3. Afgaaffii Cufaa Hanqina Dandeettii Keeyyata Barreessuu Ilaalchisee Barattootaaf Dhiyaaterra Odeeffannoo Argame**

Qorattuun afgaaffii cufaa ta'an barattootaaf dhiheessitee deebiin argatte kan armaan gadiiti.

Jalqaba irratti gaaffiin afaan dhalootaa keetiin barachuuf fedhii qabdaa jedhuuf, barattoonni baay'inni isaanii 10 ta'an eeyyeen jechuun deebisaniiru. Sababni qorattuun gaaffii kana kaafteefis barattoota baay'ee biratti afaan ofiin barachuun salphaa itti fakkaateeti of dagatu. Afaan biraa garuu itti of dhiphisaniiti baratu. xiyyeeffannoon gaafichaas, barattoonni yoo fedhiin baratan malee afaan kamuu ittiin dubbachuu fi ittiin barachuun tokko waan hin taaneefi. Afaan

dubbii eessaayyuu barun ni danda'ama.afaan kamiinuu garuu ittiin barreessuuf fedhiif kaka'umsa olaanaan barachuu nu gaafata isa jedhu kaaftetti.

Gaaffiin inni lammataa, dogoggora malee barruun ati barreessitu yaada kee siif ibsa jettee yaaddaa? Jedhuufis deebii kennaniiru. Barattoonni baay'inni isaanii 5 ta'an lakkii gaafa jedhan, barattoonni 5 ta'an immoo baay'ee miti jechuun deebisu. Deebii isaanii kanarraa wanti hubatamu barattoonni harki caalaan dandeettii keeyyata barreessuu isaaniitti akka amantaa hin qabne mul'isa. Barattootni muraasni garuu, hamma tokko kan barreessuu danda'anii fi dooggora haa qabaatan iyyuu malee gara fuula duraaf hanqina isaanii waan beekaniif sirreeffataa fi of foyyessaa deemuu akka danda'an namatti mul'isa.

Sadaffaa irrattis gaaffiin ka'eef tooftaan barsiisaan kee gargaaramee si barsiisu mijaaadhaa? Gaaffii jedhuuf deebii kennaniiru. Barattoota 5 kan ta'an eeyyee jedhanus, barattoonni 7 ta'an immoo baay'ee miti jechuun deebii laataniiru. Deebii isaanii kanarraa wanti hubatamu, tooftaan barsiisaan isaanii gargaaramee ittiin barsiisu kan baay'inaan fedhii barachuu barattootaa wajjin kan hin deemne fi kan barattoota giddu galeessa hin godhanne ta'uu isaa nu hubachiisa.

Dhuma irratti gaaffilee ka'aniif deebiin qaace'e, dogoggorri barreeffama kee keessatti si mudatu dhiibbaa sirraan gahuu danda'aa? Eeyyee jechuun barattoonni 10 ta'an deebii isaanii laataniiru. Sababni isaan eeyyee jedhaniifis, barattoonni hundi yeroo barsiisaan barreeffama keenya madaalutti qabxii nu dhabsiisuu danda'a.dabalataan immoo, namoota barreeffama keenya arganii dubbisan biratti ergaan nuti dabarfachuu barbaannee fi akkaataan dubbisaan keenya itti nu hubatu adda adda ta'uun fi akkuma tasaa barnoota keenya sadarkaa kanaa xumurree Koolleejjii yookaan Yuunivarsitii gallee eebbifamnee baane fi barsiisaa taane, dandeettii ofii gahumsa irratti hin qabnee yoo barsiifnu barattoota barsiifnu biratti tuffatamuurra darbee, dhaloota dandeettii kanaan hin ga'oomne oomishna jechuu dhajechuun yaada bilchina qabu kennaniiru.

Walumaa galatti afgaaffii cufaa barattootaaf dhiheessineen deebii armaan olitti eerame kan keennanii dha.



#### **4.2.2.4. Afgaaffii banaa hanqina dandeettii keeyyata barreessuu ilaalchisee barattootaaf dhiyaaterraa odeeffannoo argame**

Barattoonni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Kaarraa Goraa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan afaan oromoon yeroo barreessan, dogoggora qaban ilaalchisuun afgaaffiin dhiyaatee fii ture. Gaaffiin dhiyaateef kunis, hanqinni yookaan dogoggorri barreeffama kee keessatti mul'atu maal fa'a akka ta'an adda baasuuf dhiheessiteefiin, barattoonni yeroo dubbatan: dogoggora qubeessuu, qubguddeessa seeraan fayyadamuu dhabuu, sirna tuqaalee bakka barbaachisutti gargaaramuu dhabuufaa akka ta'e eeru.

Ragaan barattootuma kanarraa argame akka ibsutti barattoonni kunneen yeroo barreessan dogoggora garaa garaa uumu. Kunimmoo dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduun alatti yaada barreeffama sanaa jijjiiruun hiika biraa uumuu danda'a.

Afgaaffiin lammaffaa irratti ka'eef sababoonni dandeettii barreessuu keetii akka hin foyyoofne taasisan maali jehamanii gaafatamaniif barattoota 10 keessaa 6 kan ta'an deeggarsi gahaan daree keessa dhabamuu isaati yoo jedhan, barattoonni 4 immoo bu'uuruma irraa deeggarsaa fi hordoffiin maatii dhabamuudha jedhu. Yaada isaanii kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni isaanii deeggarsa barbaachisu akka godhaafii hin turree fi bu'uuruma irraa deeggarsaa fi hordoffii maatii isaanii osoo qabaatanii dandeettiin isaanii sadarkaa kanarra dhaabbatanii yaaddoo hin ta'u ture.

Gaaffiin inni sadaffaan akka keetti maddi rakkoo qubeessuu keetiin walqabatan maali jetta? Jedhamanii gaafatamaniif, yeroo hunda barreessuu shaakaluu dhabuu, deeggarsi maatii dhabamuu, barsiisaa haalaan hordofuu dhabuu, dandeettii kanaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuu fi kitaabolee seerlugaa Afaan Oromoo dubbisuu dhabuun keenya akka nu dandeettii kana hin foyyeeffanne nu taasisuun akka madda rakkoo dandeettii keenyaa ta'ee jira jechuun yaada isaanii kennaniiru.

#### **4.2.3. Daawwannaa Daree Barnootaa Irraa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa Ilaalchisee Odeeffannoo Argame**

Daawwannaa daree qorattuun taasifte keessatti wantoota baay'ee kan kaayyeeffatee kaate yoo ta'u, kaayyoleen kunneenis: barsiisaan daree keessatti akkamitti yookaan tooftaan inni deeggaramee barsiisaaru maal fakkaata? kan jedhu ture. itti aansuun hirmaannaan barattootaa maal fakkaata? Haalli taa'umsaa barattootaa daree keessaa barattoonni akka wal irraa baratan ni

affeeraa? Gabateen gurraachi irratti barsiisaan shaakala garagaraa kennuuf itti fayyadamu ifaa dhaa? Kanneen jedhaniif deebiin argame qorattuun qaacceffameera.

Kaayyoo isa jalqabaa keessatti dandeettiin kun kan fooyya'uu danda'u yoo shaakalli daree keessaa barsiisaan dandeettii barattoota isaa ittiin madaaluufi duubdeebii kennuufiin cimsaa adeemee dha. Wanti daree barattootaa keessatti daawwatame immoo barsiisaan baay'inaan bakka qabiyyeen eeyyametti malee tooftaa mataa isaaniin kan mata duree kennanii shaakalsiisan miti. Inumaayyuu yeroo ofiitti fayyadamuuff qabiyyee karoora guyyaa haguuguuf jecha tooftaa barsiisaa giddu galeeffatetti fayyadamuun ofumaa qofa kan haasa'aa oolanii galanii dha. Kunimmoo dandeettii barattootaa foyyeessuu irratti kan xiyyeeffatame miti.

Kaayyoon inni lammataa hirmaannaa barattootaa irratti kan xiyyeeffatee dha. Sababni isaatiis barattoonni hirmaannaa ho'aa barnoota daree keessaa irratti yoo qabaatan dammaqinaan waan barataa jiran hubatu. Daawwannaa daree taasifameen wanti hubatame barataan waan barsiisaan barsiisu callisee kan dhaggeeffatu yoo ta'u barsiisaan dubbiin kan barsiisuu fi isa barsiisee ka'e gabatee irratti barreessuufiin akka irraa garagalchan taasifamu. Haala kanaan barsiifamuun isaanii akka barattoonni dadhabanuu fi nuffan taasisuu danda'a.

Kaayyoon inni sadaffaan daawwannaa daree haala taa'umsa daree barattootaa irratti kan xiyyeeffate ture. Kunis kan barbaadameef barattoonni haalli taa'umsa isaanii barattoota akkaataa qoqqooddii dandeettii isaaniin, ciccimoo, giddu galeessaa fi suuta barattoo jedhaman walkeessa makuun yoo gareen teessifaman shaakaloonni garagaraa garee gareen waan isaan irratti shaakalan kennuufiin gareewwan jiran waan barreessan sana dareef akka dubbisan taasisuun waldorgomsiisuunii fi duubdeebii kennuufiin akkasaan keessatti xiiqiin uumamuu fi mana barumsaan alattillee shaakalan isaan taasisuun miira dorgomaa ta'e isaan keessatti uuma. Wanti daawwannaa irraa hubatammoo haalli taa'umsa isaanii kan namatti hin tollee fi akka feeteen faca'anii kantaa'anii fi bakka tokkotti gobbatanii bakka biraatti immoo haphatanii taa'uu fi hundi isaaniyyuu gabatee gurraachatti garagalanii taa'u malee gareen kan taa'an miti. Kunimmoo akka barataan dandeettii qabaniin wal irraa hin baranne taasisa.

Kaayyoon inni dhumaa daawwannaa daree haala qulqullina qabaachuu gabatee gurraachaa ti. Kun kan kaayyeeffatameef gabateen gurraachi yoo qulqullina qabaate wanti shaakalsiifaman ifa ta'ee barattoota hundatti mul'achuu danda'u fi yaadannoon barsiisaan barreessu akka sirriitti

barreessanii dubbisuuf mijatutti qulqulluu ta'uutu itti jira. Haata'u malee, wanti daawwannaa kanarraa hubatame gabateen gurraachi gamtokkeen kan gosa barumsa biraa itti baratan osoo irraa hin haqamin gamtokkeetti yeroo yaadannoo Afaan Oromoo fudhatantu mul'ata. Kun adeemsa fi seera baruu barsiisuu ittiin leenjinee bane kan faallessuu dha. Barattoonnis akka waliisaa adda baafatanii barreessuuf rakkatan taasisa waan ta'eefi.

Walumaa galatti daawwannaa daree irraa wanttoota armaan olii irratti qorattuun tarreessuuf yaalte kaayyoo dandeettiin barreessuu fooyyeessuuf barsiisaan waan irraa eegamu bahachuu isaafi barattoonni adeemsa baruu barsiisuu keessatti gaheen isaan dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffachuuf taphatan maalfakkaata kan jedhu ilaaluuf kaayyeffatamee ture sakatta'amuun ibsi itti kennameera.

### 4.3. Dogoggoora Barattoonni Dandeettii Keeyyata Barreessuu Keessatti Uuman Hangam Akka Ta'e Adda Baafame

Gabatee qormaata dandeettii keeyyata barattootaa keessatti hanga dogoggoraa ibsu

T/L	Gosoota dogoggoraa uumame	Baay'ina dogoggoraa	%dhaan
1	Sagaleewwan laafuu qaban jabeessuun barreessuu	122	158.4
2	Sagaleewwan jabaachuu qaban laaffisuun barreessuu	125	162.3
3	Jechoota dheerachuu qaban gabaabsuun barreessuu	161	209
4	Jechoota gabaabbachuu qaban dheeressuun barreessuu	173	224.6
5	Qub-guddeessa haalaan fayyadamuu dhiisuu	59	76.6
6	Sirna tuqaalee bakka fayyadamuu qabanitti gargaaramuu dhiisuu	73	94.8
7	Walqabatiinsa yaadaa dhabuu keeyyataa	67	87
8	Qubeewwan dubbifamaa sadi walduukaa fayyadamuu	61	79.2
9	Jecha Afaan Amaaraa bakka buusuun fayyadamuu	11	14.2
10	Jecha tokko gidduutti qubee guddaa gaalchuun faayyadamuu	39	50.6
11	Uunka barreeffama hololoo fayyadamuu dhabuu	14	18.1
12	Jecha guutuu hin taane barreessuu	15	19.4
13	Jechoota gosa tokko irra deddeebiin fayyadamuu	22	28.5

Akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti ulaagaa dandeettii keeyyata gaarii barattoonni akka barreessaniif kennamerra ittiin madaalamee dha.

Akkaataa ulaagaa armaan oliitti ibsuuf yaalameen barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa Afaan Oromoo baratan keessaa kan iddatteeffaman torbaatamii torba (77) qormaanni daandeettii keeyyata barreessuu mata duree garr garaa irratti akka barreessan dhiyaateefii ture.

Jalqabarratti ulaagaa dogoggorri qorattuun ilaalte keessaa keeyyata barreessan keessatti jechoota gabaabbatanii barreeffamuu qaban dheeressuun barreessan baay'inni dogoggora sakatta'amee 122 yoo ta'u, parsantaadhaan 158.4 ta'uun kan hubatamee dha. Kun kan nu hubachiisu barattoonni kunneen sadarkaa kanarra taa'anii kan sirriitti of ibsuu hin dandeenyee fikan ciminaan irratti hojjetamuu qabuu dha.

Sagaleewwan jabaachuu qaban laaffisanii barreessuu barattootaatiin baay'inni dogoggora argamees 125 yoo ta'u, parsantaadhaan immoo 162.3 ta'uun sakatta'ameera.

Jechoota dheerachuu qaban gabaabsuun barreeffamee barruu isaanii keessaa sakatta'ame baay'inni dogoggoraa 161 yoo ta'u, parsantaadhaan gaafa ilaallu 209 ta'uun hubatameera.

Jechoota gabaabbachuu qaban dheeressuun baay'inni dogoggoraa argame 173 parsantaan gaafa ilaalamu, dhibba lamaa fi digdamii afur tuqaa ja'a (%224.6) ta'uun hubatameera.

Qub-guddeessa haalaan fayyadamuu dhabuun baay'ina dogoggora sakatta'amee 59 yoo ta'u, parsantaadhaan toorbaatamii ja'a tuqaa ja'a (%76.6) ta'uun qaacceffameera.

Sirna tuqaalee bakka galuu qabutti fayyadamuu dhabuun walqabatee baay'inni dogoggora argamee 73 yoo ta'u, parsantaan 94.8 ta'uun qorattuun sakatta'ameera.

Walqabatiinsa yaadaa dhabuu keeyyataa ilaalchisee baay'inni dogoggoraa sakatta'ame 67 yoo ta'u, parsantaadhaan 87 ta'uun kan lakkaa'amee bira ga'amee dha.

Qubeewwan dubbifamoo sadi ta'an walduuka barreessuun fayyadamuunis kan barruu isaanii keessaa sakatta'ame ta'ee baay'inni dogoggoraa keessatti argameemmoo 61 ta'ee, parsantaan 79.2 dha.

Jecha Afaan Amaaraa bakka buusuun fayyadamuu isaanii ilaalchisee baay'inni dogoggoraa sakatta'ame 11 parsantaadhaan kudha afur tuqaa lama (%14.2) ta'uun xiinxalameera.

Jecha gidduutti qubee guddaa fayyadamuun barreessuu barattootaa ilaalchisee baay'inni dogoggora argamee 39 yoo ta'u,parsantaadhaan immoo, shantama tuqaa ja'a (%50.6) kan funaanamee dha.

Jecha guutuu hin taane barreessuu barattootaa ilaalchisee baay'inni raga funaanamee 15 yoo ta'u,parsantaadhaan kudha sagal tuqaa afur (%19.4) ta'uun bira ga'ameera.

Dhuma irratti jechoota gosa tokko irra deddeebiin fayyadamuu barattootaan baay'inni dogoggoraa sakatta'amee 22 ta'ee, parsantaadhaan digdamii saddeet tuqaa shan (%28.5) ta'uun xiinxalameera.

Walumaa galatti ulaagaalee qormaata keeyyataa barreessisuun dogoggoroota barattoonni uuman akkuma ibsa armaan olii irraa hubachuun danda'ametti baay'inni dogoggoraa keeyyata barattoonni barreessan keessatti mul'ate walcaalma haa qabaatuyyuu maleebarruu barattootaa hunda keessatti argamuun isaa barattoonni keeyyata barreessuu keessatti rakkoo hamaa ta'e akka qaban kan nutti. agarsiisuu dha.

#### **4.4. Qaaccessa Rakkoo Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Sababa Ta'an**

Rakkoon keeyyata gaarii ta'e tokko barreessuuf barattootaaf sababa ta'an xiinxalameera. Isaanis:

Egaa dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa ogummaan barreessuu, ogummaa baay'ee rakkisaa fi walxaxaa ta'e dha. Kunis barattoota afaan lammaffaa qofa osoo hin taanee, barattoota afaan ittiin hiikkataniifis ogummaa ulfaataa dha.(Byrne,1988:4).

Sababoonni barreessuun akka ulfaatu taasisan keessaa isaan ijoon: rakkoo xiinsammuu, rakkoo xiinqooqaa fi rakkoo dandeettii ti.

Rakkoo xiinsammuu ilaalchisee yeroo barreeffama barreessinu dubbisaan keenya waan nu bira hin jirreef carraan dogoggora keenya sirreeffachuuf qabnu hinjiru. Waan kana ta'eef gaaffii dubbisaa keenya keessatti uumamuuf deebii battalaa argachuun hin danda'amu. Haalli kunimmoo dubbisaa irratti dhiibbaa fida waan ta'eef dhimma kanas barattoonni kunneen

hubatanii of fooyyessuuf carraaqiin isaan taasisan fi barruu isaaniillee nama biraatti agarsiisaa barreessuun kan mul'atu miti.

Gama rakkoo xiinqooqaatiin yeroo ilaalamettis, rakkoon isaan jechaa fi himarraa kaasee hanga barruu isaaniitti xiinxalames dogoggora akka qabu qaaccessa olii keessatti kan ibsamee dha. Jechoota barbaachisan bakka barbaachisutti galchuu dhiisuun, walqabatiinsa yaadaa keeyyata adda addaa gidduutti hafuu fi waan barreessan irra deebi'anii sirreessuu dhabuun kan uumamee dha.

Byrne (1988) yaada kana yeroo cimsitu,"Barreessaan tokko sirna tuqaalee fi walqabatiinsota adda addaa bakka barbaachisaa ta'etti galchuun haala walta'umsa qabuun qindeessuun barbaachisaa dha," jetti.

Rakkoo dandeettii ilaalchisee dandeettiiwwan jiran keessaa kan baay'inaan namni hin fayyadamne dha. Kana jechuun dhalli namaa jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti akka dandeettii dubbachuu dandeettii barreessuu kan itti gargaaramu miti jechuu dha. Kanarraa ka'uun barreessuu jechuun qalamaa fi waraqaa walsimsiisuun yaada ofii ibsachuu dha. Gaafa waan tokko barreessuuf barbaanetti yaada waan barreessuuf kaane nu jalaa baduu danda'a. Yaada armaan olii kana Elbow (2000) yemmuu ibsu, "Ulfaatina dandeettii barreessuuf ka'umsi isaa nama bira jira." Jedha. Kanaafuu barruu gaarii qopheessuuf dandeettii fi muuxannoo namootaa barbaada. Kanarraa ka'uun barattoonni kunneen barruu gaarii ta'e tokko qopheessuuf mana barumsaatti sirriitti barachuu fi isa baratan hojiitti hiikuutu irraa eegama.

Barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa lammaffaa baratan bu'aan dandeettii keeyyata barreessuu isaanii irraa hubatame jecha, himaa fi barreeffama qubeessudhaa kaasee hanga ulaagaa keeyyata gaarii ta'e tokko qopheessuutti rakkoo dandeettii akka qaban hubatameera. Kanaan walqabsiisuun Nunan (1991) "Barreessuu wantoota ulfaataa taasisan keessaa tokko namootni baay'een qulqullina barreeffama isaaniif waan dhiphataniif ." kunimmoo filannoo jechootaa, gume qopheessuu fi walqabatiinsa yaadaa keeyyataa fi himootaa malee qulqullina barreeffamaa irratti xiyyeeffachuun qofti barreeffama keenya barruu gaarii kan hin jechisiifne ta'uu isaa ti.

Walumaa galatti barreessuun gocha ulfaataa ta'us gabbifachuuf rakkoo xiinsammuu, rakkoo xiinqooqaa fi rakkoo dandeettiin walqabatee dandeettii keeyyata barreessuu isaanii akka hin

fooyyoofneef sababa gufuu itti ta'aa ture. Kanaafuu, dandeettii kan gabbifachuu kan danda'amu barataan sadarkaalee barnootaa keessa darbu hundatti gilgaalota dandeettii barreessuu cimsuu danda'anitti yoo gargaarama ta'ee dha. Beekan (2015:181)

# **BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, GOOLABAA FI YAADA FURMAATAA**

Boqonnaa kana keessatti qorannicha ilaalchisee guduunfaa goolabaa fi yaadni furmaataa dhiyaataniiru. Qorannicha keessatti ragaaleen qaaceffamaniifi qabxiileen barbaachisoo qorannichaan argamanis boqonnaa kana keessatti dhiyaataniiru. Akkasumas, bu'aawwan qorannicha keessatti bira ga'ame ilaalchisee ragaalee qaaceffaman irraa hanqinootaa fi yaada furmaataati kan jettu qorattuun tartiibaan dhiyeessiteetti.

## **5.1. Gudunfaa**

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu dandeettii barreessuu barattootaamana barumsaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> Kaarraa Goraa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> baratan sakatta'uun barreeffamni barattoonni barreessan hanqina maalii akka qabu adda baasuu dha. Kaayyoo guddaan qorannoo kanaas ogummaa dandeettii barreessuu barattoota mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> baratan sakatta'uun hanqina barreeffama isaanii keessatti mullatu adda baafameera.

- ✓ Akka qorannoon kun ibsutti barattoonni afaan haadhaa yookaan afaan afaan hiikkataniin baratan barreessuu keessatti dogoggorri raawwatan afgaaffii barattootaa fi barsiisota irraa argameen hubatameera.
- ✓ Ragaa argamerra akka hubachuun danda'ametti barattoonni barnootichaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun, sirna tuqaalee fi qubguddeessa bakka barbaachisutti fayyadamuu dhiisuun bakka hin barbaachifnetti fayyadamuun barreessuun isaanii barruu isaanii keessaa sakatta'ameera
- ✓ Barattoonni kunneen keeyyata yeroo barreessan qubeessuu dogoggoruu, walqabatiinsa yaadaa dhabuun keeyyataa, mata duree ittiin jalqabaniin goolabuu hafuun mata duree biraan xumuruun fknf. Faayidaa waan tokkoon jalqabani miidhaan xumuruun, yaada ijoo jalqabani calla itti aansuun fi irra deddeebi'anii yaada walitti qabuu fi deebisanii calleessuun akkasumas, walqabsiistuuwwan gosa tokko irra deddeebiin fayyadamuun barreeffamicha nuffisiisaa gochuun kan barruu isaanii keessaa sakatta'amee dha.
- ✓ Dogoggora isaanii kanaaf wantoota sababa ta'an rakkoolee xiinsamuu, xiinqooqaa fi rakkoolee dandeettii kanaaf yeroo bal'aa fudhatanii barachuu dhabuu fi shaakala



barreeffamaa yeroo hunda gochuu dhabuurraan kan ka'e uumamuun isaa afgaaffii barattootaa fi barsiisota irraa hubachuun danda'ameera.

- ✓ Dogoggora dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kanaa foyyeessuuf barsiisonni sababa wayitii baay'ee qabannee barsiisnuu fi wayitiin Afaan Oromoof ramadame xiqqaachuurraa kan ka'e barattoota walitti fufiinsaan akka deeggaraa hin jirree fi isuma darbee darbee deeggaranuu duubdeebii akka kennaa hin jirre afgaaffii barsiisotaaf dhihaateen hubachuun danda'ameera. Dabalataani afgaaffii barattootarraa hubatameen deeggarsi barsiisaan nuuf taasisu gahaa miti. Nutis barsiisaa duuka buunee hordofuu fi shaakala dhuunfaa isaaniitiin kan taasisan akka hin jirre eeru. Kana malees dandeettiin kun mana barumsaa marsaa duraatti osoo hin horatamin akka dhufame ragaan afgaaffii barsiisotaa fi barattootarraa argamen hubatameera.
- ✓ Gama biraatiin immoo, fedhii fi kaka'umsi barattootaa afaan isaanii barachuuf qaban baay'ee laafaadha jedhu. Kun kan ta'eef afaan isaaniin waan barataniif salphaa taasisanii ilaaluun ofdagachuun kan mul'ate ta'uu afgaaffii barsiisotaa fi barattootarraa eerame qaaceffameera

## 5.2. Argannoo

Haaluma kanaan dandeettiin barreessuu barattootaa Afaan Oromootiin maal akka fakkaatu sakatta'uuf bara barnootaa 2014 tti qorannoo gaggeeffamee dha. Akkaatuma kanaan barattoonni qorannoo kana irratti iddatteeffaman, 77 (%42.7) dha. Barsiisonni barattoota kanneen barsiisan akka iddattootti fudhataman 3 yoo ta'an, ragaaleen adda addaa kan akka afgaaffiin barattootaa fi barsiisotaa, qormaannii fi daawwannaa daree adeemsa baruu barsiisuu keessatti wantootni hubataman walitti qabamuun qaaceffamaniiru. Akka ragaan walitti qabame mul'isutti:

- Barattoonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa baratan shaakala dandeettii barreessuuf gama barsiisaan kennamus ta.e dhuunfaa isaaniin xiyyeeffannoo osoo itti hin kennin hojjechuun
- Barsiisonni mana barumsaa Kaarraa Goraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa Afaan Oromoo barsiisanis dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuuf itti xiyyeeffatanii fi karoorsanii akkasumas of kennanii kan hin barsiifne ta'uu dha. Gama biraatiinis sababa gara garaa kan akka wayitii baay'ee qabatanii barsiisuu fi yeroo dhabuu faarsuun mul'ateera.

- Barattooni mata duree adda addaa irratti keeyyata yeroo barreessan uunka hololoo akka walalootti, hima ijoo fi himoota callaa walkeessa fuuchuun barreessuu, walqabatiinsi yaadaa ciccitaa ta'uun, jechootatti qubee dabaluuinii fi irraa hir'isuun, qubguddeessa bakka barbaachisutti dhiisanii bakka hin barbaachifnetti fayyadamuun jiraachuu isaa.
- Jecha jabaachuu qabu laaffisuun, jecha dheerachuu qabummoo gabaabsuun barreessuu.
- Jecha tokko keessatti qubeewwan dubbifamoo ta'an sadiwalduukaa fayyadamuun.
- Qub-guddeessa bakka fayyadamuu qabanitti fayyadamuu dhiisuunii fi bakka hin barbaachifnetti fayyadamuu
- Walqabatiinsi yaadaa keeyyataa ciccitaa ta'uun
- Sirna tuqaaleetti haalaan fayyadamuu dhabuun
- Jecha Afaan Amaaraa bakka buusuun fayyadamuu
- Jecha tokko gidduutti qubee guddaa fayyadamuu
- Jecha tokko eegalanii karaatti hambisuun yookaan guutanii barreessuu hafuun
- Uunka barreeffamaa hololoo akka uunka walalootti fayyadamuun barreessuu
- Barattooni kunneen yookiin jarreen qorannoon kun irratti gaggeeffame dhalattoota afaanichaa ta'uu irraa kan ka'e gadi buusani ilaaluun shaakala dandeettii barreessuu xiyyeeffannoo itti kennanii irra deddeebiidhaan yaaluu dhiisuun. barsiisonnis shaakala dandeettii barreessuu hamma isaan keessaa bahanitti irra deddeebiin shaakalsiisuun duubdeebii isa sirnaan barreesse dinqisiifataa isa dogoggora barreesse immoo jajjabeessuun duubdeebii kennaafii deemuun dhabamuu. Dabalataan barataa sadarkaa gaditti qubeessuu osoo adda hin baafatin dhufe sadarkaa 2<sup>ffaa</sup>tti fooyya'aa jedhanii abdi kutuun xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuun mul'ateera.

Dhumarrattis sakatta'a barruu barataa keessaa akka mul'atutti: barataan bifa walfakkaatuun yaadannoo fudhachuu dhabuu fi haalli taa'umsa barattootaa akka gareen walirraa barataniif kan karaa saaqu miti. Tooftaan barsiisaan isaaniillee ittiin barsiisu kan baay'inaan barattoota giddu

galeeffate ta'uu dhabuun akka barattoonni yeroo mara dammaqinaan hirmaatanii of hin fooyyessine dha.

### **5.3. Yaada Furmaataa**

1. Barattootni mana barumsaa Kaarraa Gora sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> baratan rakkoo dandeettii barreessuu Afaan Oromoo qaban xiyyeeffannaa keessa galchuun irra deddeebiin shaakaluun fooyyeffachuu isaan barabaachisa. barattoonni kunneen yuunivarsiitii galan muummee Afaan Oromoo fi ogbarruu seenuun hayyuu afaanii ta'uuf carraa guddaa qabu. Rakkoon dandeettii barreessuu isaaniyeroo dheeraaf waliin ture kana qabatanii kara yuunivarsiitii dhufan kun turtii barnootaa kanaan milkaa'aa hin ta'an.

2. barsiisonni sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> Afaan Oromoo barsiisanis dandeettii barreessuu yemmuu shaakalsiisan barattoonni qulqullina qubee sadarkaa gadaanaatti xumuranii dhufuu qabu jechuun hordofuufi madaaluu dhiisuurraa duubdeebii barbaachisaa ta'e kennuufiin tooftaa barattoonni rakkoo qulqullina barreeffama isaanii ittiin sirreeffatan shaakaalsiisuun barbaachisaa dha. Akkasumas, barattoonni sababoota gara garaa irraa kan ka'e shaakaluuf fedhii hin qabnetti malleen si'aayinaan barachuu garagaraan fedhii horatanii akka shaakalan taasisuun barsiisota irraa eegama.

3. Gama biraatiin qaamoleen olaanoon sirna barnootaa qopheessan shaakalawwan dandeettii barreessuu barattootaa kitaaba keessatti hammachiisanii qopheessuu qabu. Akkasumas, waytiin barnoota afaan oromootiif ramadame gahaa waan hin taaneef dabalamuun barbaachisaa dha. Dabalataanis, leenjiin adda addaa barsiisota sissi'essuuf onnachiisu kenamuufiin barbaachisaa dha. Dhuma irratti, maatiin barattootaa barreeffama ijoollee isaa guyyaa guyyaan hordofuufi kitaabolee dandeettii barreessuu isaanii cimsu bituufiin deeggaruun irraa eegama.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa (2014). *Semmo: bu'uura barnoota Afaaniifi Afoola Oomoo*. Finfinnee: Mega printing press.

Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa yaadrimee qorannoo hujoo*:Finfinnee oromiya

Beekaan Gulummaa (2015).*Tujuba.Saayinsiifi dandeettiwwan Afaanii*. Finfinnee:elleni. p.p.plc

Byrne, (1988), teaching writing skills. London Man.

Elbow.p. (2000), every can write. New York: Oxford university Press.

Filee Jaallataa(2019). *Malleen qorannoo*: Finfinnee Oromiya.

Geetaachoo rabbirraa (2016).*Furtuu. Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee*: kuraz International.

Gray.F. (1987). Grammar and composition, prentice hally: new jesity printing press.

Kelly.J. (1997), Aguide better writing: New York: Bristol Community Collage.

Langan .j. (1985).*College writing skills with reading*.New York. Mc Graw Hill.

Masarat Zawudee (2016). *Hanqina dandeettii barreesuu Afaan Oromoo irratti barattoonni akka*

*Afaanlammaffaatti baratan qaban: Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa abbaa bunaa fi saxoo samaroo*. Waraqaa qorannoo ulaagaadigirii lammaffaa barnoota Afaan Oromoo fi ogbarruutiin guutachuuf qoophaa'e.yuunivarsiitii Jimmaa kolleejjii saayinsii hawaasaa fi Hiyumaaniti muumee afaan oromoo fi ogbarruuf dhiyaate. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Misgaanuu gulummaa (2011).*Kattaa: Ogummaa barreessuu*. Finfinnee Efficient printing press.

Nunan.D. (1991).*Language teaching methodology*.Cambrige university press.

Pincase,A. (1982). *Teaching English writing. London*: mechanillan publisher.

Raggaasaa Asaffaa (2009). *Xiinxala dandeettii barressuu barattoota kutaa torbaffaa haala*

*Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa Magaalaa Gaasaraa*.

*Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa Afaan Oromoo fi ogbarruu barsiisuun guuttachuuf qoophaa'e. Yuunivarsiitii Finfinnee koolleejjii namummaa, qorannoo Afaanotaa, jornaalizimii fi qunnamtii, muummaa Afaan Oromoo, Ogbarruu fi Fooklooriif dhiyaate. Yuunivarsiitii Finfinnee.*

Raimes, A. (1983). *Techniques in teaching writing. Oxford: university press.*

Reichards and Rogers (1999). *Adult learning. London: Open university press.*

Siisay Siyyum (2008) *.xiinxala wantoota dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa irratti sababa ta'an. waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf, ogbarruu fi fooklooriif dhiyaate. Yuunivarsiitii Addis Ababaa.*

Wasanee bashaa (2001). *Seer-luga Afaan Oromoo. Finfinne. Manaa maaxxansaa Interprayizii meeggaa.*



**Yunivarsiitii Jimmaa**


**Koolleejjii saayinsii hawaasaa fi hiyumaaniitii**

**Damee barnootaa afaan oromoo fi ogbarruu**

**Sagantaa barnoota digriin boodaa**

**Dabalee A:** afaaffii barattotaaf dhihaate

T.L	Qabxiilee gaafannoo	eeyyee	Lakk.	Baay'ee miti
1	Afaan keetiin barachuuf fedhii fi kaka'umsa qabdaa?			
2	Barruun ati barreessitu yaada koo sirriitti naa ibsa jettee yaaddaa?			
3	Hanqinnii barreffama kee keessatti si mudatu dhiibbaa narraan gaha jettee yaddaa?			
4	Tooftaan barsiisaan gargaaramee barsiisu mijataa dhaa?			
5	Barsiisaan kee barruu kee ilaalee duubdeebii sii kennaa?			



**Yunivarsiitii Jimmaa**

**Koolleejjii saayinsii hawaasaa fi hiyumaaniitii**

**Damee barnootaa afaan oromoo fi ogbarruu**

**Sagantaa barnoota digriin boodaa**

**Dabalee B:** afgaaaffii barsiisotaan guutamu.

T.L	Qabxiilee gaafannoo	Eeyyee	Lakki	Baay'ee miti
1	Barattoonni isin barsiiftan fedhii fi kaka'umsa afaan isaaniitiin barachuu qabuu?			
2	Dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffachuu keessatti isaan fedhii qabaniif hin qabne gidduuttii garaa garummaan jiraa?			
3	Garaa garummaan yoo jiraate isaan fedhii hin qabnetti fedhii itti uumtuu?			
4	Tooftaa adda addaa fayyadamtanii dandeettii barreessuu isaanii fooyyessuuf ni yaaltuu?			
5	Dandeettii barreessuu isaanii fooyyessuuf irraa caalaa yeroo idileettimoo idileen alatti gargaartu?			



**Yunivarsiitii Jimmaa**


**Koolleejjii saayinsii hawaasaa fi hiyumaaniitii**

**Damee barnootaa afaan oromoo fi ogbarruu**

**Sagantaa barnoota digriin boodaa**

**Dabalee C:** Gaaffilee mirkaneefannaa daawwannaa daree keessaa barsiisaa fi barataan qabxiilee armaan gadii giddu galeessa godhachuun odeeffannoo argame.

T.L	Qabxiilee adeemsa baruu barsiisuu keessatti daawwataman	Eeyyee	Lakkii	Hin beekamu
1	Barsiisaan dogoggora barreeffama barattootaa daree keessaa sirreessuuf deeggarsi godhame jiraa?			
2	Haalli teessuma barattootaa daree keessaa walirraa barachuuf mijataa dhaa?			
3	Barsiisaan barruulee barattootaa ni hordofaa?			
4	Barsiisaan akka barattoonni yaada kennan ni kakaasaa?			
5	Barumsi daree keessaa barattoota kan giddu- galeeffatee dhaa?			
6	Haalli itti fayyadama gabatee gurraachaa ifaa dhaa?			







## **Yunivarsiitii Jimmaa**

### **Koolleejjii saayinsii hawaasaa fi hiyumaaniitii**

### **Damee barnootaa afaan oromoo fi ogbarruu**

### **Sagantaa barnoota digriin boodaa**

**Dabalee D:** Qormaata keeyyata barreessisuun hanqina dandeettii barataa adda baafame. Mata duree armaan gadii keessaa filachuun barreessi.

1. Faayidaa bosonaa
2. Buna danfisuu
3. Seenaa nama dhuunfaa
4. Faayidaa bunaa
5. Misooma
6. Hongee
7. Afaan
8. Biddeen tolchuu
9. Faayidaa barnootaa
10. Faayidaa bishaanii

Faayidaa Basona

Bosona qabeenya oomamaa biyye Keenyaati.  
Faayidaa isaa hedduu dha faayidaa isaa eessaan  
muraasni bu'aa isaan yaati: nyaata bu'aa sata jeraa  
jaraati. Biyye Keenya jannuu isummaa dhaaf eessa  
isuun saa xizannu rooba jahaan akka argannu, biyyaan  
totto totto qoratamudhaan qof qummaa dhaaf eera.  
Ofsiisuu jahaan akka argannu wu qargara mukkeen  
sa'asaa sa'asaa manaati. Nu taasii ka, foonu isaa  
fira sumu nyaata. Ittiin biicheessinaa meeshaa  
lee qaraa qaraa ittiin hosse-chuuf: K.K. F. 0010.

Kanaa fuv bosona Keenya sirritti Kumsuu qabu.  
bosona sirree faayidaa jara qaraati. 400 oolchaa  
bakka bousu jira dhaabuu qumma. yoo dhaabuu  
bi'shaanuf biyye jahaan ta'e argannu jaraa bosona  
hamma ma faayidaa isaa kumsuu dhaaf eessaan  
kumsuunee utuu isu manaa. Ittiin ta'een qoo  
eeqna dha'ootaa jara dha'oo. Ittiin dha'oo dha'  
n dha'oo.



BUNNA DAAFIISUU


Duraan dursee bunni funqamee fashiyampee qofhaa Ykn.  
Isaa qofhaattu Saahqara bitaama. Ashiin ibiddi: fahsi: famee  
bi'shaan ima kavama, amma bi'shaan daafuuti: manni xaraxamee  
sirriifto dhi'amppe qofhaa. Kana bonda eesse: biyya inatti:  
bunni nagamee eera xubin keessa fupnanaame booda siritti: sukumame  
dhi'ama. kana booda bi'shaan daafte ima bu'atamee bunni dhi'ame  
ni: ahamma. Eera bunni: akkame booda ni: fudama. Ashiin Jabardha  
fannee eera siritti: dhi'ame Ykn iakka'ame booda bunni fupnanaame f.  
bi'shaan daafte hamma barbaduu Ykn hamma inni: jannu itti: na'raape  
ibbidha keenta. hamma inni: daafuuti: yoo ulaan waamamppe fa'e  
ni: waamama. fashiy: bunni ni: dhi'essinaa eera namni: dha'uu wa'itti:  
Takaame booda, bunni daafiisaa Ykn dantaa siruu abidda irraa  
bi'shaan lala keenta Ykn idduo kavamuuti: siritti: bu'akke keenta  
ashii amma inni: sa'asaa: biiuu eessa: bunni keenta siritti:  
bu'atamee dha'uu. Wunuma da'atti: akkafaa bunni ittiin da'ati: samuu  
kana fashiyka. kana booda akka namni: bo'aa: dha'uu: dha'uu: dha'uu: dha'uu:  
fa'ee duumaa isaa bu'atame namattis keenta: dha'uu: dha'uu: dha'uu: dha'uu:  
dha'uu.



Hasi: Hab:ib J:bi:ii  
Hasi: Hab:ib Kan dha'aaen Odm:raa dha'aa Abaa Sa'aa Ganda  
Ahabatt: Abba isaan 1960 J:bi:ii: 1: F: Haha: saan Adbe Jaama  
:thaa Baha 1969 A.L.A. dha'aaen. Yammuu utuu: isaa qawa: 39  
Kudha shan du'ee Bekumsa baha'achaa gaha Wollo deeman.  
Bakka dha'uu: jethamatt: baha'aaen. Eera Wollo kt: baha'aaen:  
Booda baha'uu: isaan: Loolaa:tt: baha'uu: gaha B:yya saud:  
Ahab:att: baha'uu: Em:llaan Sa'aa booda, nu unno Mu:ba:tt:  
wagga shan baha'uu. Sa'aa booda Gaha B:yya Abba: isaan:tt:  
de'ba:ni. Obboleessu: saan dubbi: suu gaha nu unno Danna baa  
Ganda Yed: deeman. Obboleess: isaan: Abbaan Gaha du'aa  
Yammuu Kana Hu:3: Hab:ib: s Haha: tanna Abba: Gaha  
D:bi:tt: Sa'aa: yaa: kan jethamann Innaa Abba: Sa'aa  
Fushan. Sa'aa baha 1965 A.L.A du'aa A:  
:ha: bo'ocann:hu.



Kudisa Mahammada  
Kutaa 10



3/11/2014

Keeyuuta Taaddaleechi Mindaaw-ee

Honsee

Honsee : laalchisee Yeroo ammaa biyyoonni baay'een balaa hamaaf Saax: lamaa Sim Sababni : saas dhall: namaa Siiraachuuftaan taota hedduutu isa barbaachisa. Kanaafuu Jennaan Fedhiisumman bu Siireentaaf buuma ta'an Suutaachuuftaan isa barbaachisa. Fedhiis Sababa kanamaan kan ka'e dhall: namaa Yeroo ammaa kana iddoodhaa Sara : iddootti: Sochiisuun bosona mancaasuun lafa Sennaa babal: fadaa Siira. Sababa kanamaan kan hira bosonni: biyya Keenya kaaraale hedduun mancaana Siira. Kana hira: suuf immoo dhalaanni: Sabaatee. hamaa sa walaa bosona kunuusuun faba. Kana fahuu baanaan beetaa hamaaf Saax: lamuu dandanya. Akkasumas, Siireensa Suuf alluu dhakuun dhukkuba hamaaf Saax: lamuu dandanya. Balaa hamaa kanaa walaba ta'uuf immoo Sabannee Ciirama bosonaa hira: isuun hira Seen akka hira babal: annee. Sochiu Sabnaa Walumaa Galatti: nuti dhalaanni: barate ha. umasa barsiisuun erama bosona hira: isuu Sabna. Yoo Fayyidaa dhaaf muka jette murette muka lamaaf isaa ol bakka buusuu Sabna. Haalananan biyya Keenya ma garri: somsuun dhaleeta Sara dhaleetti: dabarsuu Sabna.

Affan Oromoo

maqaan Amis in Belasan Yu'laa 9<sup>th</sup> 1995 Laxx. 5

Faarisaa Biyyaa

Bunni faarisaa jiddu fubaa. Adha Sarinsamni jiddu faarisaa faarisaa buusa 80 Ol jiru isaa wuf himanii Siira. faarisaa isaa faarisaa faarisaa wamaaf hoisaa xannaa dammafina. Samuu Siiraana fi x.k.f xannaa. Bunni akkuma faarisaa baake fabe miikhaa xannoo fubaa. Samni namota dhukkuba dhukkuba Samuu dhukkuba dhukkuba (Cuppura) namota faarisaa hin xannamu.

Biqiltoota

Abdalla hira: AITomas in A/2:3300

Wan toota lubbu qabeeyyi ta'ani dachee kanama jraatan keessaa tokke Biqiltoota. Biqiltoonni wantoota hunduu barbaachisaa dhu. Biqiltoonni haw la-gayaa garaan ibsamuu hira dala. Fakkeenyaaf, Biqiltoota Uumamaan arsamni fi kan namoo nne dhaw dhaan itti fayyadama ni dha. Biqiltoonni Uumamaan arsamni mukkeen gurruuma fi gosota biqiltoota akka dhu ofkeessaa itti hammata.

Biqiltoonni halluu magarsa qaban soorata mataa isaanii qopheeffachu danda'u. Lubbu qabeeyyi birroo immoo biqiltoota itti fayyadamu dhaan soorata isaanii ergatu. Biqiltoota dhaale namaa faayidaa garaan garaan ergatu. Fakkeenyaaf, faayidaa manaaf akka meeshaa dhaale itti fayyadamu. Biqiltoonni mabaaluu naannoo eeguu fi jijjiirama felleessa baramu harkuufta oola. Walumaa galatti Biqiltoonni bu'ura lubbu qabeeyyi hundatti.

maqaan Sonetti Idiris Durtuu 10<sup>th</sup> Keeyuuta

Buna Dankisu

Buna dan ksaun arama ho'ulee biroo - adeemsa keessaa darbuu fuba. Jalqabaa imatti Biqiltuu Bunna dhawuun arxunumsana hamma inni kmi godhatutti itti koxkoxuun hira muushan te'umsa akkuma Biqiltoota kaanii boonnaa fi erga finte godhatee ima sassabuun ni Sochiina erga go'ee booda qashuun erga fote - isaatten adda baasnee booda Siirte miiine - Abida qabsisne Akkoofna.

Erga Akkoofne booda jabanatti biyyaa nurgine Abidham Keenya. Buna isa akkoofne tumna. Biyyanohi erga danfee shuuti dhaaleebunna itti Buusne dhugama. - Walumaa Galatti Adeemsi Buna dankisu ta'utti bota Arman olitti thame keessa hira darbuudha.

W/abeta in yada

LAKK-22 Kutaa-10F  
 BOONTUW JAAMMANAA  
 FAAYIDAA BOSONAA

Ba

Bosanni Faayidaa hedduu qaba. Faayidaalee  
 Bosanni qabu kan armaan qaditti Isaanis,  
 Ijaarsa manaaf, da'aa biinensootaf; qileensaa  
 qurquru arbaachuuhaaf, yadba harkisuudhaaf,  
 hawuufata-turtizimii dhaaf, mesuuaalee adda addaa  
 hajeenuudhaaf. EKif Baibala, Manasiree, Tessoo  
 adda addaa. Hajeenuuhaaf, Uyaata bilchesuudhaaf  
 fi, k.k.f dha. Waluma garatti faayidaa Bosonaa  
 kana fakkaata.

Kottalee Makar Firaan Baaccu

~~Faayidaa~~ ~~Bosonna~~ Kunnusa Bosonna

- Bosanni faayidaa addaa addaa qaba.
- Bosanni uumoota adduunaa kan irraa jiran  
 hundaa kallaa bekkamuf leen bekkamne  
 faayidaa kanaa jiraas.
- Bosanni namootaaf faayidaa hedduu  
 kennan irramu xessaa nusamsi nyaatanaf,  
 qorichaaft. Qorichii qorichi fi kan kan faayidaa

- Piineensootaa bosonaf leen faayidaa kan  
 caluu keenna jiraas

- Biinaansi bosonnaa fi bosonni harkatee namnis  
 bosonni harkatee dhiisee irraa jiddannee  
 fanna bosonni surraaduu baafachaa.

- Karataa bosonni faayidaa addaa addaa akkaa  
 qabuun nu hubaancaasaa

- Kanaaf bosonni kunniisuu baay'ee baay'ee  
 baabaachiisaa dha.

- Aksaa jidduun: Bosonni yeroo durri  
 irraa eessaalee bosonni manaatanuu  
 turee, yeroo baay'isaa manaatanuu  
 jira. Sababni adda addatti manaatanuu  
 jiraas namansi. hata faayidaa  
baafachuu fanna yanni faayidaa ma-  
 taaf. Kunniisuu baabaachiisaa.

faayidaa



**Yunivarsiitii Jimmaa**

**Koolleejjii saayinsii hawaasaa fi hiyumaaniitii**

**Damee barnootaa afaan oromoo fi ogbarruu**

**Sagantaa barnoota digriin boodaa**

**Dabalee E:** Cheekliistii daawwannaa walii galaa

Dandeettiinwan	Gosoota dogoggoraa	Marsaa sadiif		
		1 <sup>ffaa</sup>	2 <sup>ffaa</sup>	3 <sup>ffaa</sup>
Dandeettii barreessuu ilaalchisee	Sagaleewwan gabaa dheeressuu, dheeraa gabaabsuu.	√	√	√
	Jech qubee dubbifamaa sadii fi isaa ol walfaana fayyadamuu.	√	√	√
	Sirna tuqaalee bakka barbaachisutti galchuu dhiisuu fi bakka hin barbaachifnetti galchuun.	√	√	√
	Qub-guddeessa akka feeteen fayyadamuu. Fkn. Jecha gidduutti galchuu /oksiJiinii/	√	√	√
	Afaan dubbii idilee keessatti afaan biraa makuun dubbatamu, barreeffama keessattis fayyadamuu.	√	√	√
Unka barreeffamaa	Barreeffama hololoo akka barreeffama walalootti barreessuu.	√	√	√